# TUMATA KABAJAA ISLAAMUMMATTI WAAMUUF

## ميثاق الشرف الدعوي

هشام الطالب

*Qopheessaan*

*Hishaam Axxaalib*

*Hiikaan*

*Mana Hiikkaa Kitaabaa Fi Maxxansaa Daar-Alfikir*

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2016

دار الفكر للترجمة والنشر والبحث العلمي في إثيوبيا

Dar Al-fiker for Translation Publication and Scientific Research - Ethiopia

Addis Ababa - Ethiopia

يمثاقلاشرف لدعوي

هشامالطالب

# *Tumata Kabajaa Islaamummatti Waamuu (Da'awaa)*

*Qopheessaan:*
*Hishaam Yahyaa Axxaalib*

**Hiikaan: Dar Alfiker**

*2016م*
*Finfinnee, Itiyoophiyaa*

**DF-E-TrBs-16/04**

***© Hishaam Al-Xaalib, 2009***
*Mirgi kitaaba kanaa heeraan eeggamaadha. Waliigaltee barreeffamaa abbaa kitaabicha qopheessee malee, cinaas tahee guutuu waan kitaaba kana keessatti argamuu, maluma kamiiyyuu fayyadamuun irra deebi'anii maxxansuun dhoorgamaa dha.*

*Hishaam Al-Xaalib*
*P.O.Box 669, Herndon, VA 20172, USA*
*ISBN 978-0-615-30883-8*

## *Yaada Tumatichaa*

***Muslimtoota hundaaf, keessattuu namoota gara amantii Islaamaatti namawaamaniif; hundeewwan, seerotaa fi bu'uuraalee kabajaa waamicha Islaamaa bakka buutu tokko irratti walii galuu qabu.Seera ittiin bulmaataaaadaa, yaadaa fi shaakallii kan ta'u;kan carraa waliigaluu, milkaayuu fi bu'aa buusuu dabaluu fi carraa waldhabiinsaa, dogoggoraafi bu'aa dhabiinsaa hir'isu irratti akka walii galamuu qabu waamichadhiheessuudha.***

**Seensa**

Biyyoota Islaamaa keessatti warraaqsa Islaamummaa walii galaatu adeemamaa jira. Warraaqsi kunis, waan gaarii bu'aqabeessa ummanni Islaamaa of dagachuu irraa baraaramuu, hirriba irraa dammaquu, of hubachuu, amantii ofiitiin boonuu, duubatti hafiinsa keessaa bayuuf tattaafachuu, faana bu'iinsa yaadaafi akkaataa jirreenya ummata biroo irraabilisoomuu isaanii kan akeekuudha. Dammaqinni kunis akka jechama ammayyaatti *warraaqsa Islaamummaa* jedhamee waamama.

Warraaqsi Kun, biyyoota Islaamaa hinta'in,hawaasni Islaamaa barumsaaf ykn dalagaaf achitti galuun jiraatan kessatti, Rabbiin- Guddatee ol tahee, kan waa kennuufi qananiisuunis isumaaf taate - fedhii isaatiin sochiin kunisakkaachi gayu godhee jira. Wanti gaariin hawaasni biyyoota kana jiraatan kuni godhes, waggoota as kaluukeessadalaggii jiddu-gala wal-simiinsa qabu irratti yaaduun, burqaa beekumsa amantii (Fiqhii) dhimma aduniyaaf aakiraa irratti murtii isaanii kennu,burqaa waajjira rakkoo isaanii furu fi karoora kaayu, qaama seeraa isaan madaalu fuul-duretti kan isaan irraa bakka bu'u godhachuu eegalan. Kunis bu'aa guddaa hawwaasni kuni sadarkaa

abjoota baratаа baratuu, yookaa keessummaa asii achi deemee biyya daaw'atu, yookaa sadarkaa hiyyoomanii galii qofa barbaaduu bira dabruu isaanii akeeka.

Haa ta'u malee, namoonni kunniin hanguma filatamuuf dandeettii kan qaban ta’anille, waan dhaabbata hin qabne,dandeettii daangeffamaa, ifaajee gaarii bu'aaf ciminna xiqqaa qabdu harkaa taatee jirti.

**Bifoota Warraaqsaa**

Dadammaqiinsi ummata Islaamaa bu'a qabeessi kuni, akkumma haala naannootiin akkaataan isaa wal-dhabiinsaa fi garaagarumtiis kanqabu yoo tahu; warraaqsi kunis namoota biyya ambaa keessa jiraatan kanaaf akka jiddu gala amantii Islaamaatti oolaaf, yookiin akka Masjidaatti, yookii kampaanii invastimantii,dhaabbata mallaqaa, yooka pirojaktii namoota harka qal'eeyyiif liqii kennuu, yookaa shaakala waan akka kitaaba maxxansuu, hiikuu, raabsuu, gaazexaa baasuu, waa maxxansuu; yookaa ergamtoota *Da'awaaf* qaamni wayii isaan erge, yookaa garee biyya Muslimaa keessatti heeraafiseera amantii Islaamaa hojii irra oolchuuf gaafatan, yookii sosochii biyya Muslimaa takka weerara irraa bilisoomsuuf tattaafachuu fi k.k.f.

Wantoonni kunniin hunduu gumaacha guddaafi waanfuula namaa ifsisiisu waanta’eef; jajjabeessuufi Rabbiin kadhachuufi barbaachisa.Akkuma kana, madaallii taassisuu, hir'inna jiru guutuu fi qajeelcha kennuu fii nis ni barbaachisa.

**Sababoota Warraaqsaa Hedduu**

Warraaqsa argame kanaaf Sababakan ta’an, tattaaffii namni dhuunfaa fi gareen taasise, tattaafii sadarkaa mootummaa fi isaa gaditti godhame,sochiilee qindaawaa fi qindaawaa hin ta’in of keessatti qabata. Hunda dura, fedhii ummanni Islaamaa eenyummaa fi hundee ofiitti deebu’uuf kakka’iinsa uumamaa kaneenyummaa hundee ofii qabaachuu tiin waan ibsameedha. Ammas, wantoonni kunniin amantiin Islaamaa amantii tooyuu Rabbiitiin (Guddatee ol ta’ee) tikfamtuu fi eeggamtuu ta’uun isii raga mul’isuudha.

Warraaqsa kana qorachuu fi seenessuu namni barbaade, gadi fageenyaan jalqabni isaa maalakka tahe daangessuun itti ulfaata.Kunis kan ta’eef, waan wanti akkanaaf wantoonni kanafakkaatan hundeen isii turtuu mu’latee dhokattu ta’ee fi, ifaajee wallitti dhaabattee

ittifuftuuf addaan citiinsa qabdu waan ta'eefi; dalaggiin da'awaa dalagii walitti dhaabattuu turteef ittillee fuftu,tan addaan hin cinne,tan takkaa dadhabdee eegasii cimtu, tan dogoggoraa fi milkii of keessaa qabdu, tan dhukkubsattee fayyitu yoo taatuu; itti fufiinsi isii garuu heera uumamaati, heera Rabbii dhaabbataa hin jijjiiramne waan ta'eefiidha.

**Injifatama Bara 1967**

Barri 1967 A.L.A, seenaa warraaqsa ummata Islaamaa keessatti jalqaba gaarii ture. Arabtoonni Israa'iliin bara kana keessa injifatamuun isaanii, sosochii fi jijjiirama fedhii,yaadaa, siyaasaa, hawaasaa fi waraanaa uumeejira. Sosochiin kunis, akka ummanni hoogantoota hinjifatamuu argame kanaaf sababaa ta'an jibbuu fi bu'uura hoogantoonni tunniin bu'uureffatan kan akka: fincila godhuu, amantii daangessuu, soshaalizimii, leberaalizimii, gosummaa fi kkf balaaleffataniiitti dhimmamuu dhiisanii; fala bakka bu'u barbaaduutti seenanan.Kanumaan gara amantii Islaamaatti fuula isaanii deebisan. Fuullee isaanii gara kanatti garagalfachuunis, wanta nama ajaa'ibsiisuu miti. Jalqabaa fi dhuma irrattillee Muslimtoota waan ta'aniif. Guyyaa rakkoo

fi bal’inna keessattis Muslimtoonni gareenis ta’ee dhuunfaan gara Rabbii guddaatti deebi’u.

Kanuma irraa ka'uun wanti jechuun danda'amu, hinjifatamni bara 1967 warraaqsa Islaamummaatiif humna duratti isii dhiibu ta'e jira. Kanaafuu, barri kuni seenaa ummata Islaamaa kessatti mallattoo cimaa hin dagatamne wayiiti, kan tooftaa Rabbii (Guddatee olta’ee) waan gaarii waan badaa keessa kaayuu; yookaa waan badaa waan garii keessa kaayu itti ifa galeedha. Akkasuma, malli beekkumsa Rabbii (Guddatee ol ta’ee): 'Seera wal-dhiibuu’ seera dhaabbataa eda’aa ykn dabalaa dhufu godhee, kan humni dachii irra jirtu hunduu –barbaaddee barbaaduu baattee– sosochii dhiibuu yookaa dhiibamuu kana keessati tahanii itti fufan tahuun ifa bahee dha.

Jidduu sosochii kanaattis namoota gaariif badaan, Muslimtootaaf kan Muslimtoota hintahin, waa tolchuuf yooka waa balleesuuf; carraan dhufe itti fayyadamanii bu’aa buusuu, yooka itti fayyadamuu wallaalanii yooka dadhabanii bu’aa dhabeessa tahuun kan argamuudha.

**Seera wal-dhiibuu**

Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) walqixxeessuu, gar-nyaattii fi waa laaffisuu isaa irraa kan ka’e "seerri wal dhiibuu" seera waan cufaaf,kaaye keesaa tokko godhe. Seerri kunis, seera dhaabbataa ittifufu, juddu-galeessa, seera eennumaafuu dhuunfaa, yookiin garee, yookiin amantiif jedhee hin dabsine, hinjaalannee fi seera eennuunuu hin diinomne;kan hunduu seera kanafuul-duratti walqixaa, namni kamiyyuu itti faydama isaa yoo tolche beni milkaaya, kan itti fayyadama isaa balleesse eenumayyuu haa ta’u hoongayaadha.

Bu'aalee‘seera wal-dhiibuu’ kana keessaa: namoota gara Islaamummaatti waamaniif (Du'aat) carraa galma gayuu waan banuufiif abdii isaan horachiisuun akka jiruun isaanii jijjiirama dhabuun goggogiinsaan abdii kutachiiftuu hin taaneseera eeguudha. Akkasumas, nama Muslima ta'eef gooftaan dhugaa Rabbiin (Goddatee ol ta'ee) ta’uu isaa yeroma hundaa kan isa yaadachiisuudha. Kunis,nama Muslima ta'eef Rabbitti erkachuu, ufitti amanuu, gadi dhaabataaf suutuma qabaachuu eda'aaf. Rabbiin (Guddatiinsi isaa ol ta’e) akki jedhe:

وَلَوۡلَا دَفۡعُ ٱللَّهِ ٱلنَّاسَ بَعۡضَهُم بِبَعۡضٖ لَّفَسَدَتِ ٱلۡأَرۡضُ وَلَٰكِنَّ ٱللَّهَ ذُو فَضۡلٍ عَلَى ٱلۡعَٰلَمِينَ ﴿٢٥١﴾ [البقرة: 251] .

*"Osoo Rabbiin wal dhiibinsaan namoota isatti kafaran namootaisatti amananiin bakka buusuu baatee, silaa dachiin badde; garuu Rabbiin uumaa iaatti tola oolaadhaa (kana godhe)." (Al- Baqaraa: 251).*

Namni duubatti deebi'ee waan injifatama bara 1967 keessati argame yaadate, ummanni Islaamaa hinjifatama kana bira dabruu yaalee, yaalima kanaan waan gaarii murtaayaa tahe goonfataa tahuu isaa arga. Waan kanneen keessaa, duula bara 1973A.L.A Israa'iil irratti duulamee fi weerara Sowveetiin bara 1989, A.L.AAfgaanistaan irratti goote qolachuun deebisuudha.

**Kufiinsa Tokkummaa Sooveetii**

Warraaqsi ummata Islaamaa addunyaa hunda keessatti duratti deemuu itti fufe; adeemsa kana keessatti dogoggorri hanga wayii yeroo yerotti, eddoo eddotti, akkaata da'awaa tokkoo irraa gara tooftaa da’awaa biraatitti garaagarumtii kan qabuture. Garuu dogoggorri muraasni kuni, waan gaarii dadammaqiinsa kana keessa jiru habamsiisuu hin

dandeenne.Akkasumas, sochiin kun hanga sosochiin guddaan tarkaanfii hedduu warraaqsa kana duratti oofu argametti, duratti deeminiisa isaa kan hin dhaabbane tahee itti fufe. Warraaqsi guddaan kunis, bara 1991tti A.L.A kufiinsaa fi didiigama tokkumaa Sowveetii argamuudha.

Tokkummaan baay’ee guddaa ta'e suni, harkuma ilmaan isaatiin diigamee, biyya guddoo takka ergaturee booda gara biyyootaa hedduutti addaan kukkutame.Diigamuma tokkummaa kanaatiin waliin, diigamni sirna Soshaaliziimiis dhufe. Sirni Sooshaalizimii kun yaada amantii jedhu hunda fudhachuu diduun keessattuu amantii Islaama bifa diinummaatiin laalaa turuun hedduu rakkise. Qaamni guddaan hangana gahu kuni addunyaa irraa waan badeef, walakkaa kana keessatti carraan dalagaa gara amantii Islaamaatti waamuu bal’ataa dhufe. Kunis akka inni eddoo haarawa argatu taasise. Sosochiin cimaan kunis seera wal dhiibuu kessattis bu’aa buusee argamee jira. Murtiin boodaa fi duubaas tan Rabbii guddaati.

**Gamoo Lamaan Niiyoorkii 09/11**

Kufiinsa tokkummaa Sooveetii irraa waggaa kudhaniin booda sochiin sadaffaan argamee. Sochiin kunis gamoo lamaan jiddu gala daldala gabaa adduniyaa magaalaa

Niiyoorkitti argamu, bara 2001A.L.A ji'a 9[ffaa], guyyaa 11[ffaa] diigamee daaraa ta'e. Gocha raawwatame kanaa fishiikkaa fi waan garagaraatiin walitti hidhuunis baay'atee dubbii qolaa seenaa tahee wanti hafu kuni raawwatame. Garuu Ameerikaan kanuma faana bu'uun biyya Afgaanistaanii fi Iiraaq weerartee, odeeffannaan oddeffama siyaasaa, diinaggee, waraanaa, aadaa, –amantiin Islaama bakka hundattuu haala addaatiin–Awrooppaafi Ameerikaa kessatti haasawa nama hundaa akka ta'u godhe.Namoonni hedduun waa'ee Islaama irraa kan haasayan ta'an. Hedduun namoota kanaa –namoonni yaada jiddu galaatiin waan kana haasawan baay'ee mitii– amantii Islaamaa yaada badaan, yooka wallaalummmaa isaaniitiif waan badaan akka maqaa dhahan godhe.

Garuu badaafi gaariin haasawa kanaa, namoonni hedduun akka Islaamummaa hubatan godhe. Kunis namoota da'awaa irratti dalaganiif carraa baay'ee gaarii, akkaataa walsimataa ta'een waamicha isaanii akka dhiheessan kan kakaasu tahee argamee.Ammas irra deebinee dalagaan armaan olitti ibsine kunis faaydaa gaarii seera wal dhiibuuti. Murtiin jalqabaa fi xumuraas Rabbiin harka jirti.

Rabbiin (Guddatee ol ta'ee, ogeessa waa hundaa kan ta’e), Wantoota gurguddaa armaan dura dabreefi uf durattis argamuu hedu, adduniyaan guutuun akka gaaritti akka qulqullooytee, amantii Isaa sirrii taate ufitti fudhatuutti isii qopheessuu fi,ilmi namaa dabiinsa irraa qajeelumatti,dhibdee keessaa gammachutti akka bahu barbaadeetiin kana godhee.

***Hubannoo Cimaa Fi Barbaachisaa***

Wantuma kamiyyuu ta’u ummanni Islaamaa wantoota asii gadii kana qajeelatti qayyabacuu qabu:

- Yoo namoonni dandeettii fi qulqullummaan gara amantii Islaamaatti waaman sirritti hincimin, carraan addaa amantii Islaamaa barsiisuuf argame kun ni bada.
- Heerri Rabbii (Guddatee ol ta'ee), ummata Islaamaa waan Islaama ta'aniif qofa, tumsa bilisaa (tolaa) hin laatuuf.
- Gariin ilmaan ummata Islaamaa dandeettii, collummaa fi itti citiinsa qaban Fayyadamuun dogoggora adeemsa Islaamummaatti waamuu keessatti uumaman too’achuun, dogoggorrii osoo hin uumamne akeekkachiisa kennuu qabu. Erga dogogorri argame booda mataa dubbii waliitti

qabuu fi miidhama xiqqaan dogogora sirreesuuf yaaluun barbaachisa dha.

- Dalaggiin da'awaa jijjiirama malee akkuma jirtutti sosocha'uu qofa yoo ta'e, dadhabduu fi bu'a dhabeessa waan ta'uuf, tooftaalee fi meeshaalee haarawatti fayyadamuun gareen dalagaa da'awaa hoggantu jiraachuu qabdi.
- Hir'inna dalaggii da'awaa keessattii argaman dhabamsiisuuf qajeelfama barbaachisu baasuu.
- Tokkummaa fi waliigaltee jidduu namoota da'awaa irratti dalaganiitti babal'isuu fi carraa waldhabiinsaa jidduu isaaniitti argamuu dhiphisuuf dalaguu.

**Rakkooleefi of Eegannoo**

Dadammaqiinsi Islaamummaa fedhii Rabbiitiin waan tahee argameedha. Muslimtoonnis dammaqiinsa argame kanatti gammadanii, abdiis horatanii, abjoota gaggaari abjaa'utti seenan. Wanti hunduu akka ifa nuu ta'uuf, warraaqsi ummata Islaamaa gaariin kuni rakkoolee isa miidhan hedduun kan marfamee fi sosochii isaa kana gufachiisuun dura wantoonni dhaabbatan akka jiran beekuu qabna.Gareen Muslimootaa gariin waldhabuun, namoonni

dhuunfaan walitti bu’uun, yooka ammoo diina walitti tahuun, dhara walitti yaaduun ni mul’ata. Kanuma irraa kan ka'e rakkoof hammeenni jalqabee, diinummaan babal’attee, gareedhaanis addaan qoodamiinsi dhufee jira. Kun immoo hanga namoonni gariin wal dhabbii Muslimtoota jidduutti uumamu, keessumaayyuu warraa gara Islaamummaatti yaamu biratti uumamu kuni dhugaa ifa bayaa, dhukkuba yeroo fi yaala hin qabne ta’ee argamee jira jedhanii haasayan takka nurraa calaqqisiisuu eegale. Nama Rabbiin rahmata godheef malee eennuyyuu waan kana irraa qulqulluu hin ta’u.

Kanuma irratti dabaluun, ifaajeen qulqulluun gariin milkaayuu dhabutuu isii muudata; kunis akka: eddoo hin barbaachifnetti baasii dhangalaasuu, ykn osoo wanti irra gaariin bal'innaan argamuu, waan dhooggamaa tahe filatuu, ykn waan miidhaafi rakkoo geessuu irrattii qabeenyaaa dhangalaasuu fa’atu mul’ata.

Wann ibiraa kan kanatti dabalamu, hedduun warri dhimma da'awaa irratti dalaganii, gaarummaa fi waa xiqqeefachutu irraa mul’ata. Kun immoo hanga sadarkaa uf dagachuutti isaan geessuun qaamota badaa ta'an muraasaaf haala mijeessee, waan sirrii hintaane keessa akka isaan

seensisee akka isaan balleessaa wayii raawwataniif haala mijeessa.

Kana bira dabruun, doofummaa fi gabnummaan yaalii badii raawwachuu godhanii, ofii fi nama birootii fi biyya isaaniis miidhutti isaan seensisan. Kun immoo akka, namni isaan jibbu, inumaa amantii Islaamaas akka jibbanii fi amantii kana irraa akka wal doorsisan godhe. Irra guddaan dirreen namoonni kuni wallaalli isaan irratti itti mul'atuu, dirree siyaasaa irratti. Kunis kantahu, erga dirree kana irratti ifaajeefi wal'aansoo godhanii booda rakkinni kun argama. Kan umaanis, Isaanummaan dursa nama waan kanaan wareegamuu tahanii; akkasuma, biyyaaf fi jiraatonni isii gatii sodaachisaaf rifachiisaa guddaa kaffalutti, isaanis gatii nama saalfachiisu kaffalutti kan geessu tahe argama.

Shakkii tokko malee rakkoolee kanneenniif sababoota kallattii fi al-kallattii wal-xaxaa fi walitti makamaaa heddutu jira. Sanneen keessaa; of dagachuu, fayyaa 'ummaa, jarjaruu, qophii tokko malee dubbachuu, salphamati dagamuu, seeraa fi heera Rabbii guddaa wallaaluu, hawwii fi fedhii isaanii uffata diinii uffisuudhaan durummaa fi aangoo barbaaduuf deemanuu fa'a.

Akkasuma sababoonni akka dandeetti hubannoo, qayyabanno fi haala ummanni Islaama keessaa darbaa jiru sirritti hubachuu dhabuu, yeroo sodaachisaa fi doorsisaan dameelee adda addaa, keessumaayyuu damee da’awaatti heddummatte kana akka sababoota gurguddootti kaasuun ni danda’ama.

Erga dubbiin haala qabatamaa fi hammeenna kanaan kan ibsamtu taate, wanti godhuun nurrajiru, furmaataaf mala toko qofa dhiyeessuun furuuf yaalii godhuun akka hin danda’amne murteessuun dirqama nutti ta’a. Wanti nurraa eeggamu yoo jiraate, furmaata hedduu ta’e kan bifa gareetiin wal irratti irkatu, kan inni tokko isa lammataa cimsu barbaaduudhaan furmaata isa dhumaa irra gayuudha.

## Qabxii Jalqabaa

Furmaanni sadarkaa tokkooffaa irratti dhufuu qabu, kan barbaachisummaa addaa qabu, heerota walii galaa warra damee da'awaa Islaamaa irratti dalaganii sirreessuudha. Kunis, wanta heeronni sadarkaa ol’aanaan hubannaa namaa kan waliigalaa, akkaata yaadaa, murtii, sababaa dalaggiifi shaakala toohataniifiidha. Wanta nama hunda biratti beekkamee keessaa tokko, yaada hubannaan sirrii hin tahin

gara amala sirrii hin tahiniitti nama geessa; akkasuma, hubannaan gaariinis gara amala gaariitti nama geesa jedhuudha.

Akka jalqabaatti eennumaa yootahe, heerota sirreessuu qofaan wantoota hundaa sirreessuun nidanda'ama namni jedhu hinjiru. Garuu wanti jechuun danda'amu tokko yoo jiraate, heerri sadarkaa ol’aanaadhan rakkoolee mul’ataniif qabatamaan jiran, baay’eehir'isa kan jechuudha.

Dadammaqiinsi Islaamummaa argame kunis wanti cimaan inni barbaadu, hir'inna argamu guutuu, raawwannaa madaaluu, gorsaafi too’annoo laachuu dha. Kunis, dalagaan ilma namaa kamiyyuu dogongoraa fi waan sirrii ta’e hin dhabdu waan ta’ee fi.Dadammaqinni kunis akkuma alaan wanni isa daangessu jiru, keessaanis akkasuma daangeffamaadha.Wanti keessaan isa daangessu kunis isa alaa caalaa daran hamaaf fi daran bittinneessaa tahee itti fufee jira.

Daangessaan dadammaqiinsa alaa, karaa diinota amantii Islaamaa irraa gosa gara garaatiin yoo kan dhufutahu; daangessaan keessaa immoo keessuma sosochii dammaqinsaa kana irraa dhufa. Kunis: akka hubannaa dogoggoraa, yaada jallataa, fedhii lubbuu sirrii hin taane,

jarjara wantoota dalagamu waliin wal hin simanne, wantoota qabatama hin qabne fi kkf kaasuun ni danda’ama

Kanuma irraa ka'uun, barbaachisummaan tumata kabajaa *Da'awaa* kun, namoota amantii Islaamaatti waaman qopheessuudhaaf yaaduu irraa ka'ee kan qophaaheedha. Heera bu'uuraa ta'an hundaa uf keessatti qabachuun kan malu, yooka irra caalaa uf keessatti qabatu fi gadi fageenna tumata cimaa, bal'aa, waliigalaa, beektotaaf hinaaftotaa amantii uf kan ta'an hundaa keesumeessuuf kan tarreefameedha.Hanga murtaahe garaagarumtii waan waliigalaa keessatti argamtu kan ufitti fudhatuudha. Kunis kanta'eef, akkuma mallattoo beekkamtuu "garaagarumtii tokkummaa keessaa" jechuuniin kan danda'amuu yoo tahuu, kunis waan namoonni wanta hunda keessatti wal fakkaachuun hin danda'amnee fiidha.

Kanaafuu, itti gaafatamummaa amanaa baachuu, dirqama gorsa kennuu bahuuf, waa haaroomsuuf, hir'inna argamu sirreessuun dhaabachuuf, heerota bu'uuraa hubachuufi ittillee fayyadamuu irraa ka’uun seerota bu’uuraa kan yoo qayyabannee fi yoo irraa fayyadamne dadammaqiinsa Islaamummaa fedhii Rabbiitiin argame kana

eeguun gara fuul-duraatti oofu kana yeroo isinii dhiyeessinu gammachutu nutti dhagayama.

Wanni kaafamuu qabu tokko yoo jiraate, heeronni tumata kana keessa jiran kunniin, ifaajee, miidhamaa, xiinxallaa, too’annaa, dubisiinsa, faana bu'iinsa dheeraa fi walitti dhaabbataa dogoggoraa fi milkii dalaggii damee da'awaa irra gayan ibsuuf; akkasuma, fudhatama akka argatuuf jecha waan yaanni isaa ykn jechi isaa bakkee garagaraa irraa fudhatamee fi waan akka jalqabaatti akkanatti walitti qabame tahuu isaa isinii ibsuudha.

**Kaayyoo Tumataa**

Wanti tumanni kuni kaayeffate, keeyyata heerri hunduu irratti walii galuun kajeelamu, kan fudhatama qabuu fi kabajaa argatu filuudha.Yoo wanta akkanaa kana argamsiisuun danda'ame, bu'aan baay'ee, hedduu fi guddaa ta'a. Bu'aawwan waan kan irraa argaman keessaa kan irra mul'ataa tahe waljaalalaa fi wal amanuu jiddu warra da'awaa godhuutti uumuu,jidduu da'awaa qaamonni beekkamoon geggeessanii fi kan ummanni geggeessu wal simsiisuu,addaan fageenna, wal dhabiinsaa fi dogoggora hir'isuun; walii galtee fi milkii eda'uu, ceephoo waa ijaaru

jajjabeesuu, barraaqa ilaalchaafi akkataa yaadinsaa bal'isuu, mala kalaquuf haraoomsuu hujii irra oolchuu, waan irratti waliigalame irratti wal qarqaaruu fi waan irratti wal dhabame irra dabruudhaaf, firii qabeessawaa gochuu dadhabuu irraa gara bu'aa buusutti cehuu fi kkfdha.

Yoo kaan yoo tumata kanaa jecha gabaabaa ifa galaa taheen ibsuu barbaanne, tumatini kuni: "adeemsa dalaggii da'awaa guutuu godhuu, jidduu ilmaan da'awaaf dhaabbatanii walitti kaleesuufi maloota haarawa ta'anitti fayyadamuuf yaada dhiheessuu"dha. Tumanni kuni garee hundaafuu kan oolu osomaa tahuu, sadarkaa duraatti, akkuma amala hojiitiin, namoota da'awaa godhaniifii kaayame.Kunis waan isaan eenuma irraa itti fayaadamaa tahanii fi, dandeettii waa isatti dabaluu yooka tumaticha sirressuu waan qabanii fi.

**Hawwii Kabajamaa (Filatamtuu)**

Hawwiin tumata kanaa "karoora dalaggii" Qur'aana kabajamaafi Sunnaa qulqulluu taate irra kan fudhatame tahee; kan keessa lixiinsaa fi irraa hir'isuu irraa fagoo, jiddu galummaa fi walqixummaa handhuura kan godhate, bakka bu'aa kan tahe, garema kamuu kan hin fakkaanne, kan fedhii

dhuunfaa hin tahin, garee wayii, barsiisa da'awaa karaa wayii, wal'aansa beekumsaa, miseensumaa biyyoomaa tahuu dhabuu isaa, qaamota kanneen kamiifuu kan labsuu fi kanaan malee jiran irraa qooda kan hinqabne tahuu dha.

Akkasuma hawwiin tumata kana: heer-dalaggii yaadaa, amalaafi barsiisa namoota da'awaa godhaniif tahu, tumata kabajaa kan irratti irkatanii fi mirkaneessan, maxxansaa waantoota isa fakkaatan jiddutti bakka ufii argatuu, daballaa modeelii osoo hin tahin kan fakkii akka tahuu dha.

**Tumatni kuni garri inni itti dabuu hawwu:**

- Amantii Islaamaa kan kara gammachuu adduniyaaf aakiraa taate,
- Ummata miseensa isii taanee fi kan miseensummaa kanaan itti boonnuuf jabaannuu,
- Dalaga da'awaa, kabajamtuu ergama jiruu fi ergama Ergamtootaaf Nabiyyootaa taate,
- Biyya ufii kan amantii, afaan, hambaa, jiraattota, wanta dabre, wanta ammaa fi wanti boruu keessati argamu,
- Dhalli itti aanu dalaggii da'awaatiin dhaabbatanii akka dogoggora hir'isanii milki baay'isan godhuu.

Kanaafu, tumanni kuni akka gaddi-fageenna qabaatu jiddu galaa, qulqullu, ifa-galaa, mala beekkomsa wal madaalchisaa, naamuusa olaanaan, haasawa kabajaa qabuun akka ibsamu wal aansoo fi futunni baay'een godhame jira.Kunis, namni dubbisu akka duuyda duubee tumata kana "dhugaa fakkeesaa hin qabne", yaada gaarii Rabbiin sodaa uf keessaa qabu, qoma bal'innaaf fedhii dhugaan dalaggii Da'awaa qarqaartuuf kan godhamee dha.

**Booda kanaa:**

Tumanni kuni, qajeelcha ifaanamoonni da'awaa godhan kaka'iinsa filannoo mataa ufiitiin, kabajaa fi dhugaa irraa ka'uun kan irratti wal argan,irratti wal dhuga'oomsan ta'uun hawwama. Kanuma irraa ka'uun, "Tumata Kabajaa Islaamummatti Waamuu (*Da'awaa*)" jedhamee waamame. Wanti isa irratti waliigaluun argamuufis, dhuma bu'aa uf amnsiisuu bilisaa, fedhii ufiitiin bitamanii tumata kanaan hogganamuu, fedhii kabajamtuu, amantii cimtuu fi waan kessa isaatti walitti qabate dinqisiifachuunii dhaani.

Hawwiin biraa ammoo, tumanni kuni akka namoonni da'awaa godhan kan dandeetti qabaniifi amantiif hinaaffii qaban, kaayoo waan gaarii isaa irraa fayyadamuuf

dogoggoraisaa irraa seeruutiin,heerota haarawa kaayuufii fi yaada burqisiisuutiin qorannoo cimaa irraatti geggeessuun, maxxansi haaroyni kan isa duraa irra gaarii akka tahu godhuudha.

Yaa Rabbii keenna!waan jaalatutti nu qajeelchi, waan gaarii nudalaysiisi, yaada gaarii minda waliin nuu kenni;yaa Rabbi!hanga jaalattuttillee galanni keeti, wayta jaalattellee galanni keeti, erga jaalattelle galanni keeti.

Nagayaafi rahmanni Nabi Muhammadiin irratti, warra isaaniitii fi hiriyoota isaanii irrati haajiraatu.

Haashim Axxaalib

2009 A.L.A/1430 ALH

## Heerota Tumatichaa

### 1) Guutummatti Rabbiin Tokkichoomsuu

Rabbitti (Gudate ol ta'ee) ni amanna; isumatuu waan hunda uumee toohata. Inni addumma isaa dhugamaan gabbaramaadha. Innis kan ibsamni isaa ibsama ol’aanaa, guutuu fi bareedaa, waan hir'uu hunda irraa qulqulluuti. Innis kan isa jaalannu, tokkochoomsinu, guddifnu, sodaannu, irraa kan kajeelluudha. Musilmtoota hundaa, keessattuu warra gara Islaamummaatti waaman(*Du'aat*), dhimma tokkichummaa Rabbii yaaduu (Aqiidaa)hubannaan, itti amanuun, namatti dhagahamuunii fi amaleeffachuun, dursii waliigalaa waan hunda dura kennuufii akka qabaataniif waamicha goona. Aqiidaan dhimmoota amantii hundeef damee ta'an birootiif bu'uura jalqabaa guddaafi yeroo hundaa osoo irraa hin fooyamin dhimmoota kanniin waliin waan deemuu dha.

Akkasuma Aqiidaan jiruu nama musliimaa tokko, homa hunda isaa keessatti, kan waliin taatuu dha. Aqiidaan waan akka boqonnaa kitaabaa namni Muslimaa tokko dubbisee fixee kan birootti dabruu osoo hin tahin, boqata (boqonnaa) jalqabaa namni Musilima tahe dubbisuufi booda sanis of waliin taasisuun waytuma hundaa kanitti fufee,

boqonnaalee biroo kan hafan dubbisuudha. Aqiidaan akkaataa yaadaa, argamiinsaafi hujii irra oolchinsa nama Musilimaatiin wal qabattee deemtuuf, hanga du'uttis kan jiruun isaa ittiin hooganamtuudha.

Kanaafis, namni Muslimatahe dhimma Aqiidaa keessatt iwantoota barbaachisan irratti beekkumsa bal’aa fi gadi fagoota’e qabaachuun barbachisaadha.Sanniin keessaa: Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) tokkochoomsuu, isa gabbaruu keessatti adda baasuu, murtii isaa dalggii irra oolchuu, wantoota aqiidaa cinaan yookaa gutumaan guututtuu balleessuun amantiin ala nama godhan beekuudha. Wanta nama dinqu keessaa, adduniyaa tana keessatti ijooleen Muslimtootaa wantoota dhiqata sagadaa (Wuduu'a) balleessan matatti kan qabatan yootahu, wantoota aqiidaa balleessan garuu mataa keessaa kan hin qabane tahuu isaaniiti.Lachan wantoota wal madaalchifneetuu, barbaachisaa osomaa tahanuu, garuu jidduu wantoota lamaan kanneenii garaagarummaa guddatu jira.

Karaa birootiin immoo, dhimmi Rabbiin tokkoomsuu akka gara jecha goggogaa bareeffama qubee irratti qofa tahee hin hafne, akkuma meeshaan hammayaa waa yaadatutti yaadachuu hin jijjiramne irraa of eeguun

barbaachisa. Namoonni gariin isaanuma qofatu qajeelluma irra waan jiran ittifakkaata. Kunis feetee ofiin boonuu fi uf ol fuudhuu isaan keessatti dagaagsee, namni isaan malee akka hin jirre booniinsaa fi hammeenyaan akka waliin jiraatan godha. Ejjanoon ufiitti amanuun isaanii faarfamaafi gaarii ta'ullee, garuu wanti kuni namoota biroo isaan malee jiran ilaalacha gaariin ilaaluu waliin tahuu barbaachisa.

Kanumaan namoonni gara amantii Islaamaatti waaman, namoota nama uf-irraa faggeessan osoo hin ta'in, jaalatamoo kan ta'an, waa jajjabeessoo osoo hin tahin laaffisoo kan tahanii fi tokkichummaan Rabbii jiruu, sammuu, miiraa fi amala isaanii keessatti fakkeenna gaariin seenee kan argamu tahuu dha.

**2) Islaamummaan Amantii Rabbi Biraa Dhufe**

Islaamummaan amantii Rabbii (Guddatee ol ta'ee) tan dhaabbattuu, sirrii, tan dhumaati fi tikfamtuu tahuu isiitti amanna. Kunis nuti Muslimtoota biratti, dhimma, eenyummaa, furmaataa, duubbee, ammaa fi of dhimma keenna kan of duraati. Islaamummaan karaa adduniyaaf aakiratti ittiin milkooynuufi itti gammanu; akkaataa jereenya keennaa kan Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) nuu filee itti amannu, ittiinis ni boonna.Kanumaaf duula (jihaada)

keessatti hirmaannee wanta mi'aafi jajjaba ta'e hunda itti wareegna.

### 3) Maddoota Dundee Ta'anitti Deebi'uu

Nuti Muslimtoonni waan nama hundaafuu gaarii yaannuuf, waan ammallee karaa Islaamummaatti nama waamuu fi waan itti gaafatamummaa qabnuuf, maddoota hundee ta'an irraa onnee banaan, sammuu jiddu-galaatiin, islaamummaa akka beekan ykn fudhatan waamicha dhiheessina. Kunis eega jallinnaatii qajeelluma, eega dharaatii dhugummaa, eega sodaatii nageenya, eega cinqamaatii qabbana, eega galteetii baraarii amantii kana keessatti ni argatan jennee waan amannuufi.Akkuma kana, Islaamummaa kessatti namoonni waamicha goonuuf furmaata rakkollee isaanii hundaa fi gaaffilee isaaniitiifis deebii ni argatu waan a'eefi.

### 4) Mirga Ilma Namaa Irratti Beeksisa Waliigala Kan Jalqabaa

Amantiin Islaamaa jalqaba beeksisa adduniyaa mirga ilma-namaa guutuuti. Amantiin Islaamaa amantii mirga ilma namaa, kan akka: amantii barbaadan hordofuu, kabajaa ilma namaa, mirga barachuu, mirga maatii horachuu, nageenna,

dalagachuu, wal qixxummaa, mirga qabeenna horachuu fi kkf guutuu kan tahe nama goonfachiistuu.

Amantiin Islaamaa mirgoota kanneen kabachiisuu kessatti kan isiin ka'umsa godhattu, gatiin ilma namaa tiif kennamu ol'aanaa godhuudha. Ilmi namaa irra kabajamaa waan Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) uumeeti; bakka bu'aa Rabbii kan dachii iraatti argamu, wanti lafa keessa jiru cuftuu isa tajaajiluuf kan laaffisameedha.

### 5) Ilmi Namaa Cuftuu Maatii Tokko

Ilmi namaa maatii tokko tahuuti amanna; obbolummaan namummaa nama hundaa walitti qabdi; uumaan hundaatu Rabbi (Guddatee ol ta'ee); abbaan nama hundaatuu Aadami, haati isaanii Haawaadha. Namni hunduu biyyee irraa uumamee biyyematti deebi'a. Kanaafu, Muslimtootaaf kan Muslimtoota hinta'inillee, hundumaa, gara wal qarqaarsa jiddu gala hunduu bu'aa irraa argatuuti waamna. San keessaa: nageenna buusuu, bilisumaa babal'isuu, walqixxumaa mirkaneessuu, yakka ittisuu, beekkumsa diriirsuu, ijoollee kunuunsuu, manguddoota qarqaaruu, olla ofiitti tola ooluu, naannoo ufiitiif eeggumsa godhuu fi waliigaltee, tumataa fi kakuu garagaraa kabajuuti.

6) **Maatii Eeguu**

Gaa'illi jidduu dhiiraaf dubartiitti gaggeeffamu, karaa tokkicha seera qabeessa maatiin itti ijaaramuudha.Maatiin bu'uura ykn jalqaba guddisa daa'immanii gaarii ta'aniif barbaachisaadha. Argama ummata tokkoo kessattillee bu'uura guddaa Kan qabu, kal'oo uumamaaf uumaa daa'immaniitiif ijoollee lafaa dhuftuutillee dha.Itti gafatummaan hoogganasa guddinna daa'imanii abbaaf haadhaa irratti dirqama.Kanaafuu, maatii ijaaruu, suphuu,tiksuu, iddoo isaas ol kaasuu, milkaayuu isaatiifis wantoota barbaachisan qopheessuun qabna. Akkasumas, yaaliiwwan badduun hedduu yeroo yerotti bifa jijjiirataa dhuftu, tan maatii waan jedhamu balleessuf yookaan hir'isuuf yaalii godhan hundaa, humna barbaachisaan faallaa isaanii dhaabachuuf waamicha dhiheessina.

7) **Wal Harkaa Fuudhinsa Naga Qabeessa**

Namoonni dirqama *Da'awaa* godhuutiin dhaabbatan, akkaataa gaarii, ifaaf murteesaa taheen uf bitanii, itti gafatamummaa dhaabbata isaanii haala salphaan, nagahaan, jaalalaa fi nageennaan wal harkaa fuudhinsa argamsiisu qabaachuun barbaachisaadha.Bu'aan Kana keesaa jiru:

dogoggora oolchuu, waa dhuunfataaf dhaamata dhoorgu, qoqqoodamiinsaaf ka'umsa rakkoolee hedduu balleessuu, dadhabinaaf goggogiinsa dhabamsiisu, carraa waa haaroomsuuf kalaquu uumuu, walitti dhufiinsa jidduu dhalootaatti cimsuu, muuxannoo hooggansaa irratti leenjisa guddaafi hedduu irratti kan qarqaaru garee dalagu cimsuu, jiddu-gala dalaggii kabajuu fi kkf kan jabeessuu dha.

**8) Bu'uura Mul'ataa**

Nama hundaafuu wanta gaarii, obbolummaa fi bifa wal qarqaariinsaatiin wajjiin jiraachuu jaalanna. Namoota waaballeessanis waatu rakkisseen jennee, bu'uura mul'ataa beekkamaa sheek Muhammad Rashiid Ridaa (Rabbiin rahmata isaanii haagodhuu): "waan irratti waliigalle irratti wal qarqaarra; waan irratti waldhabne irratti gariin keenna garii keenaa bira dabra." jedhu fudhannee dalaggii irra oolchuun ful-duratti deemna.

**9) Wal Mari'achuu**

Adeemsa wal mari'achuu, waa yaaduu fi dandeettii waa uumuu jajjabeessuu. Yaada deeggarsaaf ka’uuf kan faallaallee sadarkaa walf akkaataan kabajaan keessummeessuun akka argamuuf waamicha goona. Nama hundaafuu mirga yaada ufii ibsuu kenninee, dhuma irratti

hunduu murtii waliigalaatiin uf bituu akka qabu; kunis murtiin kuni yoo kan bu'uurota amantiitii waliigalaa ifa jiraniin wal hin dhabne yoo kan taatee ta'uu dha. Akka murtiin dabru sirrii yooka sirritti dhiyoo ta'u, karaa madda mirkaneeffamaatiin kan argamu tahuun isaa waan hafuu hin qabne.Kunis wanti barbaadu, odeeffannaan barbaachiftuun guutuu taate qaama madda ta'e kanaaf dhihaachuu; akkasuma, wal jijjiirraan odeeffannaa kanaas dhugummaa, jiddu galummaa fi amanummaan kan raawwatamu tahu barbaachisa.

### 10) Madda Deebii Tokkicha Qofa

Dalagaa da'awaa keessatti maddi deebii lama akka hin jiraanne akeekkachiisuu qabna. Maddi tokko kan gaheen isaa fuulletti mu'lachuun homaa hin dalagne yoo ta'u kan lammataa dhokataa fi gaheen isaa dalagaa dhugaa kan dalaguu fi isa tokkoffaa irratti dhiibbaa kan geessuudha. Maddii kunis kan waanfedhe rawwatuudha. Waa fakkeessuun kan madda mul'attuu yoo tahuu dalaggiin ammoo kan madda dhokatuu ta'a.Maddi dhokataan, isumatuu adduma ufii waan fedhe murteessee, madda mul'ataan akkana godhi jedhee itti hima; ykn madda

mul'ataa kana ejjannoowaan ofii barbaadu keessa galchuun akka inni ajajamaa ta’uuf taasisa.

Adeemsi akkanaa kunis, waan jijjiirraa fooyyessu fi duudhaaf faallessaa fi kijiba waan ta’eef, faallaa bu'uura dalaggi Da'awaa ifa taateeti.Keessattuu bu'uura mariin waa raawwachuu irratti gufuu ta’a.Ammas, waan seera qabeessa hin ta'in waan seera qabeessaan haguuguu; inumaa abbaa irrummaa dhugaa kan ta’eedha.Abbaan irrummaa amantii keessaa ammoo, tan waa’ee dhimma adduniyaa/siyaasaa caalaa badduudha.Kunis, waan maddi akkanaa kuni fakkeessuun amantii uffata dhooysaa itti diree waan barbaaduu waan gooteefi.

Akkaataan fokkataan akkanatti adeemuu kuni,maddi dhokataan madda mul'ataa tuffii fi ol’aantummaan akka ilaalu godhee; maddi mul'ataan ammoo madda dhokataa akka waanyoof gadoon eeggatu godha.Kunis madda mul'ataa fuul-duree deeggartootaatiin akka dadhabuu fi moo’atamoo tahan isaan godha.Kuni hunduu, diinummaafi gadoo, kufiinsaa fi xiqqeennaatti geessa. Hojiin Da'awaa madda lama akkanaa qabaataa turtee, gatii hadhaayaa akka isaan kafalan isaan taasisa.

### 11) DalaggiiDhaabbata Qabdu

Dalaggii dhaabbattuu, qindooytuufi gareedhaan dalagamtutti amanna. Kanas kan goonuuf, tokkoffaa adeemsi akkanaa amala amantiin Islaamaa keessatti kabajamu, lammaffaa heeraaf qidoominna ufiitiin uf bitu kan qabu tahuu isaatii fi.Dalaggiin dhaabbataan raawwatamtu dhuma irratti kan irraa fayyadamaa tahu ummata.Hunduu gaarii osomaa tahuu, dalaggii dhuunfaa irra kan dhaabbataatuu daran ittifufa. Dalaggiin dhaaba qabu madaallii sirreessaa, madaallii haarawoomsa geggeessuuf dandeettiifi ciminna goonfata.Akkuma beekamu namoonni dhuunfaan dalagan ni jijjiiramu, ni dabru; garuu dalaggiin dhaabbataan raawwatamtu yootaate, eega isaan deemanis kan itti fuftu ta'a.

### 12) Hujii Garee Cimsuu

Jidduu hojjatootaatti gareen dalaguu cimsuuf,hubannaa ka'umsa dalaggii waliigalaa gadi fageessuuf futuna qabna.Kunis kan akka:hojjataa dursaa ta’eef eddoo kennuufi, walitti dhufiinsa dhalootaa jajjabeessuun akka muuxannoo manguddoo fi kakka'umsa dargaggootaa irraa fayaadamuu, bu'aa waliigalaa bu'aa dhuunfaa irra dursuu, akkaataa amantiifi hammayyaatiin

rakkoo fi wal dhabiinsi osoo hin uumamin waliigaluu, booda waldhabbii argamtee ammoo mala irra gaariitiin furuu fi hubannaa wal-qixxummaa bu'aa fi bulchiinsaa jidduu hojjatootaatti babal'isuu dha.

**13) Namoota Ciccimoo Kunuunsuu**

Barattoota colleef kennama addaa uumamaan qaban irratti xiyeeffachutti amanna.Isaan kuniin, warra waa haarawoomsuu, fooyyessuu, yaada filanannoo bu'a-qabeessaa dhiheessu, waan of duraatti deemutti kakaasufi dhiheessuun guddina gama hundaan duratti kan dhiibaniidha.

**14) Fakkeenna Faana Bu'amu**

Dhaabbata dalaggii Da'awaatiin dhaabbatu kamiyyuu keessattuu wixineen yookaa bu'uurri, akkaataa adeemsaa, karooraa fi amalli hojjatootaa achi keessa hojjatanii hojii Da'awaa qajeeltuuf milkooytuu taate kanaaf fakkeenya gaarii ta’uu qabu. Fakkeenyummaan Kunis kan yoo namoonni biroo waan kana argan raajeffatanii faana bu'an tahuun qaba.

**15) Haaroomsa Mul’ataa**

Barbaachisummaa haara homsuu itti fufaa kan wantoota amantii kessatti hundee ta'anii tuqamuu hin qabne kabajutti

ni amanna.Kunis wixinee walitti qabiinsa jidduu waan durii gaarii ta'eef waan haaraya bu'a-qabeessa dalagii irra oolchu waan ta'eefi. Akkuma kana, jaarraa keessa jiraannuun walitti dhufiinsa qabaachuuf waan isa keessa jiru beekuu waan nama goonfachiisuu fi .Bu'aan kanaatis, sosochina yaadaa horachiisee, goggogina, dadhabbinaa fi adda cokama irraa kan nu tiksuu dha.

**16) Of Danda'uu**

Hanga danda'ameen ofuma irratti erkatanii of danda'uutti waamna.Maaliifuu yoo jenne, waan qarqaarsi godhamu yookaa kennamu,madda itti hin fufneef dhaabbata hin tahiniifii,kan waadaa hin qabne waan ta'eefi. Maloonni of danda'umsi ittiin godhuun danda’amu keessaa irra barbaachisaan, dhaabbatoota Waqfii (kenna hundee) hoogganii fi dandeettii fi haala jiruun waaliin wal-siman ijaaruu dha.

**17) Jiddu Galummaa Heera Rabbii**

Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) gabroota isaatiif – gar-nyaatinsaafi wal qixxeessuu isaa irraa– heerri isaa heera qixummaa, dhaabbataa, kan dhuunfaa, yookaa garee, yookaa amantii kamuu diina hin godhanne, ammas hin jallanne godhe. Namni hunduu fuul-dura heera Rabbii kanati

walqixa.Namni heera kanaan waliin adeemu dandahe, eenumaa tahu ni milkaaya; namni heera kanaan waaliin adeemuu balleesse, eenumaa taanaan ni hoongaya. Hikkaan kanaa Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) dhuunfaa yooka garee Muslimaa tokko waan Islaama tahaniif qofa tumsama tasaa/ tumsa bilisaa hin kennuuf. Kanaafu, sababaa tumsama kana isaanii argamsiisu dalaguun dirqama isaan irra jiru.

**18) Bashannana Barbaachisu**

Bashannanni daangaa amantiin eeyyamamaa taheen godhamuu waan qabuu dha.Bashannanuu waan hariiroo lafaa dhufaa garee isaatiin walitti hidhu keessaa isa cimaadha. Kunis, lafaa dhuftoota bay'isanii akka garee isaaniitiif hinaafan, qulqullummaan akka dalagani fi yaada garees sirritti akka fudhatan isaan godha. Kanaafuu, nuti wanta kanatti yommuu waamnu, kabajiinsa garaagaraa geggeeffaman kessatti, sana keessaa:guyaa ayyaanaa, jalqabaaf dhuma waggaa barumsaa,lafaa dhufaaf wanti kuni akka gochaan ibsamuudha. Yookaa ammoo kanuma jecha kabajaa, walaloo, wal-dorgommii, shaakala Ispoortii, kennaa, badhaasaa fi kkf qopheessuun nibarbaachisa.

## 19) KaayyoofiTooftaan Walsimuu

Kaayyoodhan amantii keessatti hundee ta'an dhaabbatoo fi kanhinjijjiiramne; kaayyoodhan damee ta'an ammoo sadarkaa qaban. Tooftaan garuu kan haarayoomu, kan fooyya'u fi kan jijjiiramu tahuu barbaachisa. Akkasumas, mala hujii jijjiiruu, garaa garoomsuu fi walitti sufiinsaan fooyyessuu barbaachisa. Malaaf beekkumsi gaariin ogummaaMuslimni soqu waan taheef, muuxannoo Musilimtootaaf miti-Musilimtoota irraa qabsiifachuun barbaachisaadha. Mala tooftaalee dalaggii Da'awaa irraa tahe tokko waytii fayyadamnu, tooyuuwaalamaatiin wajjiin ta'uu qaba.Tokkoffaan, osoo mala sanitti fayyadamuuhineegalin, wanni dhugamaan akka mala kanatti fayyadamnu nu godhu jiraachuu qaba.Lammaffaan, eega itti fayyadamuu eegallee booda, bu'aan tooftaa kanaahubaatii inni uumu caaluu qaba;yoo kuni hin ta'in,mala keenne san itti faayyadamuu isaa dhaabuu qabna.

## 20) Amantii Islaamaatii fiHojii Da'awaa

Garaa garumtiin jidduu amantii Islaamaa fi dalaggii Da'awaa jirtu beekuun barbaachisaa dha.Islaamummaan amantii ykn karaa Rabbii sirrii, haftuu, tan hindhabamneefi

tan duraa duubaan wanti isii faallessu itti hin argamneedha.Dalaggiin Da'awaa ammo ifaajee ilma namaa waan ta’eef takkii sirri yookaa dogoggora ta'uun isaani mala.Amantiin Rabbii (Guddatee ol ta'ee) namaa file qulqulluudha; garuu amnatii kanaaf jecha dalaguun qulqulluu miti. Qulqullummaan amantii Islaamaa qulqullummaa dalaggii Islaamummaa taatee dogoggora irraa namahin tiiysitu. Dogoggorri dalaggii da’awaa keessatti uumamus amantii Islaamaa dogoggoraa hin godhu.

**21) Karaa Irra Gaarii**

Karaan Da'awaa irra gaariin, dhugaalee amantiin Islaamaa irratti ijaaramteefi akkataa adeemsa isii gadi fageennaan, ifnanaan, tooyuu wajjiin jalqabuma irratti nama barsiisuu qabna.Akkataa kanattis,wanti himamu ykn barsiifamu sammuufi argamanamaitti himamuu keessatti fudhatama argachuun ykn turuunkan maluudha. Eeyyee jedhee fudhachuufillee abdiin akkanatti argama. Kanaafuu, waan amantii keessati shakkii qabu kaasuun, irrattille deebii kennuun, yookaa qoodama, yaadota, wal'aansa yaadota gaariifi badaallee baadhatee dabre hasawuu irraa fagaachuu barbaachisa.Yoo dirqamni nama godhe, deebiin irratti

kennamu irra gadi aanaa daangaa danda'amuutiin tahee, osoo hundee karaa sirri ta'ee hinqoqqotintahuu qaba.

**22) Wal Mormuu Dhabuu**

Balbala gaafilee ilaalchaa, mormiilee addaatiifdeebii tahuu hin oolluu, jechoota adda tahan, yaalii yaada dhiifamtuu taate, sehaa tahuu hinooluu fimormii gogduu bu'aa hinqabnekaraa itti cufutti waamicha goona.Kunis waan wanti kunniin yeroo, ifaajeef qabeenya ergaraniifi, itti gaafatamummaa dhugaa guddinnaa fi barbaachiftuutaatedheessuu kan ta'ee dha.Akkuma san,yeroo hedduu gara jibbiinsaa, dheefaa, yooka inumaa gara waanyotti kan geessu dha.

**23) Walitti Dhufiinsa Jiddu Dhaabbilee Islaamaa**

Hundeen bu'uura dhaabbatoota Islaamaa waliin dalaguu keessatti wal guutuudha.Yoo kana godhuun dirmame wal qarqaaru, yoo kunis rakkise, wal kabajuufi waliin jiraachuu; afraffaan waan kaneen malee jiruballeessaaykn badii dha.

**24) Barbaachisummaa Tooyuu(Wal-Too’anna)**

Bu'uurri toohannaa godhuu bu'uura amantii Islaamaatiif hundee fi tooftaa hammayyaa ol aanaa

dha.Kanaafuu tooftaa kana too’achuu fi itti futunuun bifa itti fufiinsa qabuun shaakaluudha. Kunis: ifnanaan, mul'isuun, uf ceephessuun, wayta hundaa irra deebi'uun tohachuun, madaalliiitti fufiinsa qabun, kanwaangaari akka tiyfannuuf ittille dabalannu godhu, kan waan badaa beeynee irraa fagaanuuf ufeegannu kan godhu taahuu qaba. Kunis kan godhamu, waan dalaggiin ilmanamaa wanta sirrii fi dogoggora taheef saaxilamaa taheefii dha.

**25) DameeleeBeekumsaa Kabajuu**

Dhimma amantii keessatti warra beekumsa waan amantii qabu gaafachuu nu barbaachisa.Dhimma dandeetti biroo keessatti warra muuxannoo waan sanii qaban mari'achiifna. Fakkeenyaaf, *Zeeydi* namni jedhamu nama Da'awaa godhuun beekamee fi milkaaye yoo tahu garuu murtii amantii Islaamaa (Fatwaa) godhuuf dandeettii qabaachu dhabuun isaa ni mala. Kunis namni kuni dhimmi dandeettii addaa daangeffamaa tahe barbaadu, kan murti kennuu, hin baranne ykn isaan hin eebbifamne ykn damee brumsa isaatiimiti jechuu dha.

**26) Waan Gaarii Yaaduu**

Gara xiyyeeffata waan gaarii yaaduu, milkii toluu, gammachiisuu fi waa salphisuuti waamna.Akkasuma waan

badaa yaaduu, milkii baduu, waa uf irraa ari'uuf jajjabeesuu irraa fagaachutti waamna.

### 27) Suutoma (Tasgabbii) Barbaachisa

Waa dafanii qabsiisuu irraa gara mala fayyadamuutti, waa kakkaasuu irraa gara suutaan deemuu, dhimmoota jireennaa gatuun dhiphachuu irraa gara isii beekuu fi yaaluutti, akkasumas, jiruu ijaaruu fi qooda fudhachuutti waamicha dhiheesina.

### 28) Amantii Waan Hundaa Qabu

Amantiin Islaamaa amantii dhumaa Rabbiin (Gudate ol ta'ee) ilmoo namaatiif filateedha. Kanaafuu, dhimma jiruu hundaa akkataa guutuun, sadarkaa dhuunfaa, garee fi biyyaatti waa qindeessuu kan gonfattuudha. Islaamummaan amantii fi biyya, seera fi Rabbi gabbaruu, diinaggee fi amala, fayyaa, waltti dhufiinsa maatii fi hawaasaati, hariiroo biyyaa fi biyyoota birooti wkf kan uf kessaa qabduu dha. Kanaafuu, namoonni gara amantii Islaamaatti waaman, bu'uura waan hunda qabaachu kana irratti xiyeffachuu qaban; bu’uura kanaanis boonuu qabu.Ammalee yaalii Islaama homa Rabbi gabbaruu qofatti daangessuu barbaadu diduu dha. Kana godhuuf wantoota barbaachisan keessaa, amantii kessatti waan gurguddoo fi hundee ta'an dhiisanii,

waan dame fixixiqqoo tahaniin liqinfamuu dhabuudha.Yoo hajaan dhimma waan damee yookaan xixiqqoo kanaa nama qabatte, wayta, iddoo, haalaa fi guddinna isiitiin waan wal-gitu godhuu qofaan tahuuqaba.

### 29) Naamuusa Marii

Naamuusa mariitii fi dandeetti naamusaan marii shaakaluutti waamna.Kunis, mariin waan tooftaa Da'awaa milkeessuuf gahee qabuu fi.Mari'achiisaan gaariin dhimma mari'achiisu irratti abukaatoo gaarii tahu qaba; yoo kana tahuu dhabe akkasuma faallaa waan sanii taha jechuu dha.

### 30) Hirmaannaa Walii galaa

Namoonni gara amantii Islaamaatti waaman, kaayoo, mala fi dursa kennan keessatti fakkeenya tokkoon ta'uun isaanii waan hin danda'amne. Garaagarumtiin guddaan yookaa xiqqaan jiraachuun waan hin oolle. Haata'umalee, namni tokko yoo gadi qabee dubbi kana ilaale, qabxiin hedduun kan akka: waan Rabbiitii amanuu (Aqiidaa), Rabbi gabbaruu (Ibaadaa), amalaa fi waliin jireenna keessatti waan irratti waliigalamuudha.Garuu faallaa kanaa, waliin oodinsa keessa faanabu'iinsi, jalinni, feeteen lubbuu waan jiruuf waan walii galaa kanneen maraa balleessa.Kunis, waan waldhabiinsi dachaa harka kudhaniin baay'ifamee guddaa

ta'ee mul'atuu fi waan waliigalteen harka kudhan irratti qoodamtee xiqqoo taatee mul'attuu fi.Kanaafuu, jidduu namoota gara amantii Islaamaatti waamanii waliigaliinsi cimaa fi qubanni waliigalaa jiraachuun akka danda‘amu jala muruun ni danda'ama. Kana beekuun, ittiin gammaduun, kanuma keessa ta'uun dalaguun; suutaan, obsaan, walitti dhaabuun godhuun, baay'eef heddoominaan namoota garagraa uf keessatti qabachuun akka maluuf, waan akkanaa kana, waan waliigalaa cimsuun, babal'isuun dirqama hundaati.

**31) Miidhama Iccitii**

Dalaggii Islaamummaatii fi yaada islammummaa keessatti, dhimmi hiikkaa jijjiiruu, waa dhooysuu fi garatti qabachuu irraa baay'ifnee dhoorgina. Amantii Islaamaa amantii guutuu, ifagaltuu,yaadaa fi bu'uuronni isii kan akka ifa guyyaa, kan wanni dhooysamuuf itti dabalamu isii keessa hinjirree ta’uu ibsina.Rabbii tokkichatti amanuu(Aqiidaa) ifatti baasanii dubachuu fi itti waamuun humna amantii Islaamaa waan tahee fi; kunis, ilmi namaa waan ittiin boonu ol baasuu fii, eega kanaas, waan namni uumama isaaniitiin yaada ifaa olbaafamaa, walqixxaayaa tahe jaalatuufiidha. Uumamumaan yaada ifa hinta'in dhooyfamaa, muuxamaa,

walmakaa ta'ee irraa ilmi nama waan dheessuufi. Dogoggoruufidhooysuun warruma dhooysu san diina isaani daran isaan miidha; isaan akkanaa kunis, waan dukkana dhooysaa keessaa hin mu'lanne keessatti argamaniif, waa dhooysuun isaanii wal irratti tuulamti.Kunis dogoggora mul'ataa ifitummaan dhaqabanii sirreessuun danda'amuun faallaawaantahu jechuu dha.

**32) Tokkummaa Yaadaa**

Wanti namoota amantii Islaamaatti waaman jiddutti garaa garumtii uumu keessaa, gadi aantiin yaada tokkummmaa waliigalaa jidduu isaaniitti dhokachuudha. Kunis ufirraa wal ari'uu, yookaa jibbansaa fi gadoon argamuu bira dabree gara wal dhabiinsa kaayoo, tooftaa dursaa waan kennamuu qabuu kennuu dhabuutti geessa;geessaas jira.Dhimmi tokkummaa yaadaa kuni,gadi faggeennaan namoota amantii Islaamaatti waaman hundaaf, dargaggootaaf ammo haala kunuunsa addaatiin qabamee dhihaachuu barbaachisa. Godhamuus kan qabu, beekkumsa amantii Qur'aanaafi Sunnaa irrati hundaaye, fedhii wal qixxumaa, wal qarqaaruu, irra walii dabruu, obboleeyyummaa, qixxummaa, yaada kamtu dursaa, mala marii, namuusa waldhabiinsa, amantii Islaamaa waan hunda

uf kessatti qabaachuu, yeroo fi iddoo hundaafuu mijjooftuu tahuu isii jabeessuudhaani. Waan kana irratti qarqaaru keessaa: filannoo maxxanfama kaayoo kanaan wal-simtu haala adda ta'een adda baasanii, namoota Da'awaa godhanii fi dargaggootaa laatuu.Sana booda akkuma ministerri barumsaa dameen imaammata barnootaa fi wantoota baratamuu amma amma irra deddeebie ilaalutti, yeroo gara yerootti irra deebi'uun maxxanfamoota filataman laaluu fi fooyyessu dha.

### 33) Bakka Kennuufii Malee Isa Qulqulleessuu Dhiisuu

Wanta uumamaan baratamee fi wanta ta'uu qabu keessaa tokko, namni Muslimaa tokko hoogganaa isaa kan Da'awaa, yookaa sheeka isaa beekaa, yookaa Imaama Masjida isaatii fi wkf jaalachuudha. Garuu jaalalli kuni daangaa isaa bira dabruun hinbarbaachisu.Warroonni amantii kanaan duraa Nabiyyootaa fi namoota gaggaarii isaanii kabajuu bira dabranii, Rabbiin malee isaan kanatti erkachuun eegalanii jaallatan. Wanti kunis booda Shirkitti (Rabbitti waa eda'uun gabbaruu) tti isaan geesse. Dhukkubni beekamaan jiddu Muslimtootaa, warra Da'awaa godhanii fi kanbiro jidduu jiru,namoota isaan hoogganan akkaan

jabeessuun walitti hidhamuu, yookaa hordofuu dha. Kunis, akka waan hooggantoonni kunniin dogoggora irraa tiiyfamoo ta'aniitti isaan ilaaluudha. Isaan kunis bu'uura: (cimaan namaa kan beekamu dhugaani, dhugaan cimaa namaatiin hin beekamtu) jedhu dagatanii;hoggantootuma isaanii ulaagaa jidduu dhugaa fi dharaa, doggogoraa fi sirrii addaan ittiin baasaniin godhatan. Bira dabarsaan Kunis qoodamuu Muslimootaatiif sababa guddaa ta’ee ture, ammas ta’aa jira. Kanaafuu warra Da'awaa godhuutti gadoo qabachuun babal'atte.Furmaanni waan kanaas, nama hordofan yookaa beekaa amantii faana bu'an kamiyyuu taanaan, jiddu galeessummaan jaalachuu, namoonni kuniin nama waan tahaniif dogoggoruu fi sirrii dalaguun ni mala jedhanii fudhachuu, hanguma dhugummaaf amantii dalaggii irra oolchuun isaan biratti argamuun isaan jaalachuu, iddo kennuufii, ittillee maxxanuu dha. Muslimni wayta hundaa nama dhugaa barbaadu; ilma namaatti maxxanuu fi faana bu'uun mala yeroo booda dhabamu,yaadaa fi kaayoon Muslimaa garuu dhaabbataa waan ta'eef kaayoma isa (dhugama qofa barbaaduu) faana kan bu'u ta'a.

### 34) Iddoo Itti Xumuran Irraa Eegaluu

Gara muuxannoo namoota dursanii waa gumaachanii dabranii irratti wixinfachuutti waamna.Dhaabbanni, yookaa jiddu-galli, manni barumsaa, namni amantii Islaamaatt waamu kamuu, waan hin jirre irraa waa eegaluun nama yeroo jalqabaatiif amantii Rabbiitiif waa gumaachuu miti; dhuma namoota kaayoo kabajamtuu taate tanaafis waa gumaachaniis miti. Kanumaafuu, toora namooni biroo dursanii amantiif gumaachuun dabran itti dhaaban irraa jalqabuu dhaan ittifufuudha.

### 35) Heera Tarkaanfii Tarkaanfiinii

Gara gadi fageennaan waa addaan baafachuu jidduu hiikkaa utaaluu(osoo hin tahin)fooyyessa, harka of ciniinuu osoo hin tahin guddachuu, dubbiin waraansaan osoo hin tahin malaan, utaalchaan osoo hin tahin tarkaanfii tarkaanfiin, jarjaraan osoo hin ta'in suutaan,dalaggii atantamaa addaan cittuu osoo hin tahin dalaggii suutaa itti fufuu taatee hubachuut(t)i waamna. Hadiisa (Jecha Nabi Muhammad (Nagayaaf Rahmanni Rabbii isaan irratti haajiraatuu) kabajamaa keessatti: «*namni waa biqilchu lafa irraallee waankutu,diree isii (waa irratti biqilchu) irrattillee waan dhiisu*» Hadiisa biroo keessatti: «*Rabbi Biratti*

*dalaggiin jaalatamtuun, haaxiqqaatulle tan itti fuftuu taate*» Hadiisini sadaffaa: «*namni tokko amantii jajabeessee osoo ittiin hin mooyatamin hin hafu* »jedhan yaadachuu dha. As irratti dabalataan jechama mala gaarii: yeroo kennuun cinaa furmaata irraayyi jedhus yaadachuun barbaachisaa dha.

**36) Sadarka Sadarkaan Deemuu**

Adeemsa sadarkaa sadarkaan deemutti amanna.Kunis, kaayyoodhan jiran gara sadarkeessuu fi qindoomina kaayoo waliigala wal qarqaartuutti qooduudhaani.Kana jechuun, kaayoon tokkoffa kaayoo lammaffaatiif qopheesituu taatu, kan lammaffaan tokkoffa irra dhaabbattu tahuufii, akkanumaan kan itti fufu tahu ta'uudha. Wayta Kaayyoodhan hedduu kaayaman keessaa filannu, kaayoo raawwachuu dandeennuu fi kan haala qabatama jireennaatiin waliin deemtu tahuu qaba.

**37) Dhabbatoota Gareedhaan Tattaaffii Godhan**

Amantiin Islaamaa amantii yeroof eddoo hundaafuu toltuudha. Rakkoolee haarayoomanii dhufan hundaa hiikuuf kan dandeettut ahuu isiis gadi fageennaan cimsinee itti amanna. Haala itti fufiinsaa Qabaachuu isiis kanumaan mirkaneessina.Kanuma maddiin beektootaa fi hubatoonni barumsa Islaamaa waan haraya argamu hundaaf akka

furmaata dhiheessaniif waamicha dhiheessina. Dhaabbatoota gareen yaalii wal'aansa yaadaa godhatanis ni jajjabeesina. Dhaabbata (dhabbattoota) waan kana geggeessan keessaa: walitti qabama qorannoo Islaama biyya  Gibxii, walitti qabama fiqhii Islaamaa kan waldaa Islaama addunyaa Su’uuditti argamu, dhaabbata bittoota Islaamaa waliti qabama beekkumsa Islaamaa kaartum, kawunsilii Awrooppaa qorannoo fi Fatiwaa (murtii Islaamaa), kawunsilii beekkumsa Islaamaa Ameerikaa kaabaa, tokkummaa beeytota muslimtoota aduniyaa fi, kan kanniin malee jiranii dha. Isaan Kanniin hundeessuun baay'ee barbaachisaa ta'uu isaatu nutti mul'ata; jidduu dhaabbatoota bu'a qabeeyyii kannin itti qindoominni akka argamus abdii goona.Qindoominni kunis bu'aa argamu baay'isee guddisa. Warri muuxannoo fi beekkumsa adda addaa qaban, akkaatuma beekkumsaatiin itti makamaa akka deeman abdii keenna. Kunis tahuun dhugummaaf bu'aa buusinsi dhabbatoota  akkanaa akka dabalan kangodhuu dha.

### 38) Garee Islamtota Irraa Taate

Garema taatee taatu, yookaa sosochii Da'awaa garee gara garaatiin godhamullee tahuu, qaamonni kunniin garee Muslimtootaa osoo hin tahin,garree Muslimtoota irra taate

tahutti amanna. Gatiifi toorri tokkoo garee tana irraa taatee kan beekamu, yoo yaanni isii sirrii tahe, gochaa fi shaakalliin isiin hujjii irra waa oolchuuf qabaattee dhaani.

## 39) MiidhaaWaan Hunda Walitti Qabuu

Barreeffama warra Da'awaa godhuu hedduu keessatti, dhukkubni walfakkaataan hundaa qixxisu ykn walitti qabuu tamsaafama keessaa akka fakkeenyaatti: gabaasni humni Muslima hinta'in Islaamaan loluu irratti malee walhinta'an jedhu, akka Yahuudaa gooftota adduniyaa godhuun akka waan isaan homa hunda to’achuu danda'aniitti laaluu. Fakkeenni biroo, akka dalaggiin islaamummaa karaa mootumaatiin dalagamtu kamiyyuu ganiinsa taateetti ilaaluu; wal irratti wal ijaaruu fi wal diiguun tokko kan biro tohachuun miidhaa irraa uf eeguu qabnuudha.Yaadota akka dalaggiin Islaamaa ummataan dalagamtu qofa irra gaarii, sirrii fi guutuu taatee; ammas, kan akka garee wayii biratti olfuudhamiinsa ykn daballiin giraafii daataa ummata Islaamaa mul'isuu,garee biraa biratti ammoo akka homa kana gadi bu'iinsaatti fudhatamuu; wal irratti wal ijaaruun garee wayii gareen wayii waan hunda keesa jirti jedhuunii,

garee biraa biratti ammoo gonkumaa homaa keessa hin jirtu jedhanii amanuuti.

Yaadonni akkanaa kunniin madaallii sirrii dhabeeyyii fi waan hundaafuu kanta'uumiti; kana daranuu, gubbummaaf osoo hama hin godhin yookaa hin dalagin jijjiirraa eeguu keessa waa galu. Akkasuma, wanti kuni murtii jarjartuu fi qophooytuu saamsamte fudhachuu jalagaleewaan gurmaayu ta'a.Warriin waan akkanaa godhanis dirqama waan bakka bu'uuf ta'u, furmaataa fi ufiiisaaniitiin waa eegaluu jalaa isaa boqachiisa ta'aaf. Kunis waan yoo ceem'aaf waan badatti waa erkisan akka waan isaan irra dabramu waan isaanitti fakkatuu fi. Akkuma kana, namoonni kuni wanta guddaa argmu akka galaana humna badduu taatee uf irra deebisuun kan hin danda'amnee itti fakkaata (akkanatti ilaalaniifi, yookaa akkanatti waan argan itti fakkaata, yookaa ni arginaa waan hawwaniifi) dha.

Yaanni isaanii kunis heera wal-dhiibuu Rabbiin ol'aanaan kaaheen waldhaba. Muslimni waan hundaa akkanatti dhiphisanii walitti qabiinsa akkanaa fi kkf irraa uf eeguun barbaachisa. Muslimnis ifnanuma sammuu isaa qabsiifatee, kaka'umsa onnee itti dabalatee, waa xiinxaluu tolchuu;waan hundaa bakkema isiin malu kaayuu; uf dirqee

sababaaf waan sababeeffame hubachuu, rakkoof wan taakka furmaataatti irra gahame beekuu, furmaata gara garaa filuuf uumuu fi booji'amaa abjoota tahuu dhabuu. Yaada filannoon wal-qabate jidduu waan wal-faallessanii lamaan wal-qabatanii: adii yookaa gurraacha, malaa'ikaa yookaa sheeyxaana, salphaa yookaa Kan hin dandamne, guddisuu yookaa xinneessuu irratti cimsee addaan baafachuu qaba.

## 40) Itti Gaafatamiinsa Ilma Namaa

Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) amantii Islaamaa tiiysuu fi irraa ittisuuf waadaa galee jira. Haata'uu malee, (Rabbiin malli daangaa gahaan isumaafii) Muslimtoota hojima kabajamtuu tanaan akka dhaabbatan bakka buuseen.Amantiin Islaamaa dhugaa ifa galtuu taatus, wanti Rabbi murteesse isiis irratti raawwatamuun yookaa geggeffamuu irraa hafuu hinjiru.Garuu kunis kan ta'u gocha yookaa raawwii harka ilma namaatiin kan tahuudha. Akkuma nuti hunduu beeynutti, wareegama guddaa Anbiyoonni kabajamoon (Nagahaaf Rahmanni isaan irratti haajiraatuu), hordoftootaaf hiriyyoottan isaanii, akkasuma namni amantii Islaamaa tumsuuf faana jara kanniinii bu'an, isaanuma kanatti hidhannee ykn faana buunee, karama

isaanii irra deemuun nutillee itti gaafatamumma keenna baana jechuu dha.

**41) Fakkeenna Gaarii Ta'uu**

Wanti namni gara amantiin Islaamaatti waamu yaadachuu qabu, fakkeenna gaarii ta'anii argamuun, irra hedduu mala dalaggi Da'awaatiif barbaachisaaf kan milkaayaa ta'ee dha.Amantii Islaamaa babal'isuu keessatti namoonni Da'awaa godhan maloota hedduu fayyadaman keesssa, ufuma isaaniitii fakkeenna gaarii ta'anii argamuudha. Kanaafuu, namoonni Da'awaa godhan, homa hunda dura wanti isaan irraa godhuun eeggamu, namoota waamicha godhanii fi waan itti waaman san dalaggiin itti agrsiisuun fakkeenya gaarii ta'uudha.

**42) Jechoota Gadi Fageenyaan Ilaalanii Filachuu**

Jechoonni nuti itti fayyadamnu keenyuma qofa akka ta'aniif futuna godhuu barbaachisa. Jechooni kunniinis kan ibsama gadi fageenyaa qaban, ifaaf waa hunda irraayyuu bilisa tahuu qaban.Jechoota itti fayyadamnu kanniinis, itti yaaddofnee mala gaarii waliin filachuu qabna.Dambalii yaadaa yeroo yerootti mul'atuun akka hin harkifamne

irraallee fagaachuu qana.Islaamummaa yoo gabaan Soshaaliziimii irra oo’ite, Sooshaliziimiin wal simtuu godhuu; yookaan yoo gabaan Kaappitaaliziimii oo'ite, Kaappitaaliziimiin wal amachiisuu; yooka yoo gabaan Dimokraasii oo'ite, Dimookraasiin isii ibsuu hinqabnu.Kana jechuun, amantiin Islaamaa ulaagaa, hundee, ka'umsa fi booddee ufiitiin islaamummaa taate argamte.

Amantiin Islaamaa bu'uurota garii keessatti, waan yaadota isiin ala jiran birootiin kan walqaxxaamuran argamuun kan ifa godhu, waan hundaa qixxisuu fi daangessuun Islaamummaa kan ibsuu dha. Garuu wal qaxxamuriinsi yaadaa yookaa wal fakkaachuun kuni, faana danbalii yaada kana yookaa sanii jenne ibsuun gaheessaa miti.Maalii?yoo jenne, yaadonni islaamummaa malee jiran hunduu dameedha, isiin garuu hundee; gadi dhaabbatuu; wanni isii malee jiru nijijjiirama; dhugummaan ka'umsaa yaadota wantoota isii malee jiru waldabrullee isiin garuu fallaa kanaa dhuugaa qulqulluu dha.

## 43) Barreffamoota Ifoo Ta'an

Barreeffamoonni keenna kan Da'awaa, ifoo, madaalamoo, hoogganamoof kabajiinsa goonfatoo tahuun isii barbaachisaa dha. Kunis kan ta’u, akka hubannaan wal-

fakkaatuuf hiikkaan tokkichi qaama barreessaa irraa gara dubbisaatti dabree, lamaan isaaniituu biratti hubannaan akka tokko ta'u godha.Akkana godhuun kunis bu'aa barbachisoo ta'an lamatu keessa jira; inni duraa: namoota Da'awaa godhan biratti hubanoon yaadaaf amala dalaggii tokkochoomsuu; kan lammaffaa: dhaabbata dhabuu yaadaatiif rakkoo jidduu namoota Da'awaa godhanii, keessattuu kan reef lafaa dhufoo tahan jiddutti argamu dhabamsiisuu dhaafi. Akkuma kana, mala dhahiinsa dogoggoraa, haasawa dabeessa, yaada ifa hintahiniif dimimmisaa,wal’aaninsa yaadaa wal faallessa tahe, yookaa waa bira dabarsaati yookaa waa hanqisatti, yookaa rakkoof qoqqodaminsatti geessu dhabamsiisuu dha.

### 44) Namoota Biroo Ufitti Fudhachuu

Hundeen ka'umsa keennaa (islaamummaan) qabeenna keennaa ossoo hin ta'in nutu kan isiitii dha. Kanaafuu, waan namoonni biroo,haa malaa fi akkaataan wal’aansaa nuun adda tahe qabaataniillee, isiif jecha dalaganiif yaalii godhaniin, qomti teenna namoota akkanaa kanatti dhiphachuun hin barbaachisu.Kunis waan yaaliin keennaaf yaaliin isaanii dalaggi Da'awaa tajaajilu taheefi.Kana daranuu inumaa waan isaan godhaniin ykn raawwataniin

gammaduu qabna. Ammas, isaan jaalachuu, yaalii isaaniitii ftoora laatuu fii, isaan gorsuu, hanga danda'ameen isaaniin wal qarqaaruu dha. Akkasuma, xiqqoollee taatu yaaliif wal'aansa bu'a qabeessa nama yookaa garee wayii biratti argine, dogoggoraaf hir'inna osoo qabaatteellee, irraa fayyadamuuf sirreeffama nutti fakkaatellee issaanitti himuu fii barsiisuutuu nu irra jira.

## 45) Miseensummaa Lamaan Walguutan

Namoonni islaamummatti waaman, eenumaa taanaan, biyyaa ufii suphuun, nageenna, qabeennaaf naannoo eeguun, fuulduree dhaloota itti aanuu tiiysuun wanta irraati futunuun barbaachisuu dha. Kunis, walqunnamtii miseensummaa uumamaa biyyummaa, sabummaatiif, miseensummaa filannoo kan amantiiti. Walqunnamtiin kunis, kan wal diiguuf walfaallessu osoo hinta'in wal-qunnamtii wal-guutinsaatiif wal keessa seeninsaa kan taatee dha.

## 46) Sirrii Tahiinsa Addoomfatuu

Nuti wanti ifabaafnee, jabeessineef murannoon beeksifnu, sirrii tahiinsi keennuma qofa jechuu dhabuu dha.Namoota biroollee abjoota addomfataa kana keessatti argamuu irraa dhoogina. Kaayoodhaaf maloota keennatti ni

amanna; garuu sirriif guutuudha hin jennu. Kanaafuu, nama dogoggora yookaa hir'inna isii keessa jiru nuu eere nigalatooffanna, nuttis as gori jennaan. Akkuma san, kayoodhaaaf maloota filannoo namoota biroo ni kabajna.

Wanti hunda irraayyuu eeggamu: dalaggi keenna Rabbumaaf (Guddatee ol ta'ee) qulqulleessuu, wanta sirri tahe addan baafachuu, onnee waa haarayoomsuutiin hallamuu, dogoggorri yoo nurraa mul'ate ifnanaan fudhachuu, yoo wanti sirrii tahe namoota biroo irraa mul'ate fuula ifaan gamaduufii dha. Wontoonii kunniin qabatamaan akka argamaniif gara muxannoo wal jijjiiruuti waamicha godhuu; kunis waan namoota gara islaamummaatti waamaniif dhaabatootallee, odeeffannaa isaanii gabbisuu fi ilaalacha yaada kennanii fudhachuu isaanii duroomsuuf bayy'isee akkaan barbaachisaadha.

Kunis kan godhamuuf,ilmi namaa gorsaaf qajeelfama argachuu irraa duroome tokkollee waan hin jirreef hin argamnee fillee;yookaa wayta gariin wantoota sirrii ta'an hundaa addoomfatuu, kanneen biroo ammoo dogoggora hundaa kan addoomfatan waan hinta'inii fii,waan hintaanee filleedha.

### 47) Waa Jajjabeessuu

Namni gara amantiin Islaamaattiwaamu tokkoo, mala adeemsaa sirri jedhee filate jabeessuun isaa homa jiru; kunis, akka ilaalcha isaatti wanti inni mala kana filateef ,maloota biroo irraa waan malli innifilate kuni gaariif kan addatahee fi.Kanaafuu, malli inni filate kuni dogoggora irraa tiyfamaaf guutuudha jechuu hinqabu; maloota namoota biroollee hin didu.Adeemsi akkanaa kunis waa jajjabeessuu faarfamtuu, dirqamaaf eeyyamamatuu dha. Garuu yoo faallaa adeemsa kanaa ta'e, jajjabeessuu xiqqaattuu,tan amantiin islaamaa irraa dhooggee wallalummaa jedheenii ibsa keessa seenti.Kunis waytuma hundaa akka safarriin wal dabarsaadhaa sodaa Rabbiitiif dalaaggii gaarii tahuu nu yaadachiisa.Dhimmi kunis, jajjabeessuu wallaalummaa, naanummaa, yookaa gosummaa,yookaa dhaabbata, yookaa garee tuutaa, taatee wayii hunda irraa dirqamatti akka fagaannu nu yaadachiisa.

### 48) Duraa Duuba Eeguu

Ka’umsi waa wal dursiisuu cimsinee itti amanna; gara isaatillee waamna; eddoon isaaf kenninullee ol aana dha.Dhimmoonni amantiin Islaamaa keessa jiran hundi sadarkaan isaanii wal-qixaamiti. Fakkeennaaf: dhimmi

Rabbiin tokkomchoomsuuf (Towhiidaa) amanuu (Iimaanaa), dhimma waan nama rakkisu karaa deemsaa irraa kaasuutiin wal biratti yoo ilaalame; inni duraakan irra baay'isee barbaachisaa ta'uu isaa kan hubanuu dha. Akkuma kana, dalaggiin Da'awaa sadarkaan isii wal dabra; kanaafuu, dhimma kana akkaan hubannee, waan hundaa sadarkaa isaatiin dursa kennuufii qabna jechuu dha. Akkasuma, tartiiba dursiinsaa ittiin kenninuun ammaa amma irra deebinee, akkaatuma waa jijjiiramaniin sadarkeessuunnu barbaachisa.

Amantii Islaamaa keessatti sadarkaan wanti dursa kennamuu fii qabuwaan beekamaaf dhaabataa dha. Garuu dalaggiin islaamummaaf dalagaan keessatti akka namaa, yerootiif eddootiin waan jijjiiramuu kan ta'uu dha.Wantuma ku'umsa dursiinsaa kanaan wal-qabatee, dandeettiin wayta miidhaan wayii argamu waa wal madalchisuu dandahuu qabaachuu qabna; kunis miidhamaa irra gadi aanaa filachuuu keennaan waan ta'ee argamuu dha.Akkasuma, dandeetti wayta bu'aan argamuullee wal-maadaalchifnee, kan daran irra bu'aa qabu filanna jechuu dha.

## 49) Beekumsa Waan Barbaadamee

Namoonni gara amantiin Islaamaatti waaman amantii keessatti beekumsa waan barbaadame *(fiqih al maqaasid),* sirritti hubachuu fi gadi fageennaan beekuun barbaachisaa dha.Hubannama gubbaa yookaa qaccee waan dubbifamuu qabachuun, ga'umsa barbaadame,waan dhokataaf mala beekkumsaa achi keessa jiru irraa dagamuun; homa dubbifamu qofatti waan hundaa fudhachuun gahaa miti.Kana jechuun, iddoo barreffamaaf kennamu salphisuu osoo hinta'in gara bu'uura waan barreeffama keessa jiruutiin goolabuu, jidduu waan irratti waliigalameef irratti wal-dhabamee wal-madaalchisuu fi, waantoota damee ta'an wantoota hundee ta'an jalatti ilaaluu jechuu dha.

Akkasuma, gahee walii gala amantiin Islaamaa barbaadduu jalatti, bu'uura beekumsa amantii islaamaa (***Fiqihii***): "wanni waa irraa fudhatamu gahee wanta san barbadame malee, jechootaa fi ijaarama isiitiinii miti"jedhu hubachuu. Ammas, akkuma hundeen Fiqihii biroo: "dubbiin kan deemu waan gaahee barbaadameetiini" jettuun adeemsa keessatti hoogganamuu dhaan tahuu qaba. Wantoonni dubbatame kunniin hunduu kan akeekan, namoota dameen barumsa isaanii dhimma kanaan ta'e irraa, akka odeeffannaa

fudhannuufi isaanis dhageefachutti dubbiin akka nugeesitu mamaa waan hin qabne tahuu dha.

### 50) Beekumsa Waan Dubbiin Itti Buutuu

Namoonni gara amantii Islaamaatti waaman beekkumsa waan dubbiin itti buutuu qabaachuun barbaachisaa dha. Kana jechuun, adeemsa dubbiitiin walqabatee murtii isaan asiif achitille fudhataniin madditti, waan of-duratti argamu tilmaamuu dandahuu jechuu dha. Kunis heera Rabbii (Gudatee ol ta'ee) gadifageennaan beekuu, haala naannoo, kutaa ufiitiif waan adduniya bal'innaan quba qabaachuu barbaada.

Kanaafuu, murti osoo hin fudhatiniin dura waan dubbiin itti aantu ilaacha fageeffatanii ilaaluun namoota amantii Islaamaatti waamaniif dirqama ta'a.Waan isaaniif namoota isaan maddi jiranitti murtiin isaan fudhatan geessitulle dabalatee hubachuu jechuu dha. Wayta waan kana godhan, mamaa osoo hinta'in qabatama irratti, jarjaraan osoo hinta'in suutaan, abjootaan osoo hinta'in dandeetii irratti erkachuun tahuu qaba.Seenaa dalaggi islamaa keessatti, murtiin waan hamaa ittisuu fii waan gaarii dalaguu barbaaduun oo'insaaf maraatumaan fudhatamte, wanti

booddeen isii itti aane ciinqaaf rakkoo walitti dhaabattuu taa'te; yookaa ammoo rakkoo dhiiga dhangalaasuu taate.

**51) Beekkumsa Waan Adeemamaa Jiruu Qabaachuu**

Namoonni gara amantiin Islaamaatti waaman dandeettii waan adeemsifamu beekuu, haala qabatamaan jiruufii, walitti fakkeesisiinsa akkaan toohachuun, adda baafachuun, garaa garumtii hawwi kajeelamtuu fi dandeettii qabatamaan jirtu beekkumsa qabaachuun isaan barbaachisa. Kana godhuunis, mallattoon, kaayoon, karoorri namoota islaaamummatti waamanii qabatamaan dalaggii irra waan oolchaman ta'an. Kunis dalaggii sammuuf miira ofii qopheessuu, namoota wanta ifaa ta'ee fi tohannoon filataman irratti walitti qabuu, wantoota dirqama ta'an kunuunsuu, heera suutuma tarkaanfii tarkaanfiin qabachuun barabaachisaa dha.

**52) Wanti Hamaan Jiraachuun Namatti Dhagahamuu**

Ummanni Islaamaa argamuma isaa irra eegalee, waan ergaa sirriif Da'awaa baadhataa ta'eef, waytima hundaa waan hamaaf saaxilamaa dha. Kanaafuu, sodaan diinaan(hedduun

isaanii waan dhugaa jibbaniif) midhamuu,akkuma isaan sodaachisetti waytuma hundaa tura.

Nutis ilmaan ummata kana kan taane, nutti dhagahamiinsa miidhama argamuun maluu guddifachuu nu barbaachisa. Dhimmichis, wal dhabiinsa jibbuuf waltti kaleennatti waan waamuu, hunduu miidhama kanaan sodaachifamoof yaadamoo waan taaneef; midhama waliigalaa kana wallaaluun ammoo daran addaan akka fottoqnu nu godhaa beekuu kan qabnuu dha. Miidhamni hamaan kunis gosa lama yoo tahuu: miidhama qaama alaa irraa dhufuuf, miidhama numa keessaa burquu dha. Muuxannoon seenaa wanni nuu mirkaneessu, miidhamni keessaa burqu, hedduu kan addan foxxoqsuuf sodaachisaa tahuu isaatiidha.

## 53) Obolummaa Islaamummaa

Obboleeyyummaan Islaamummaa, ka'umsa bu'uura bu'uurota amantii Islaamaatii fi dagalee dagaleewwan ka'umsa dalaggi Da'awaati. Obboleeyyumaan akkanaa tuni babal'achuun,Rabbi (Guddatee ol ta'ee) bira sama'ii keessatti jaalala, dachii irratti mooyata waan nama goonfachiisuu dha. Dhabaminsi isii ammoo, Rabbi (Gudatee ol ta'ee) irraa

sama'ii keessatti dalansuu, dachii irratti xiqqeenna waan namatti fiduudha.

Namoonni amantiin Islaamaatti waaman dhimmi obboleeyyummaa kana irratti sirritti sadarkaa ilaalcha yaadaatiif shaakala hojii keessatti toora kennaniifii, waan faallaa kanaa ta'e irraa seeruun waan gochuu qabanii dha. Jidduu namoota amantii Islaamaatti waamaniitti obboleeyyummaa akkanaa argamsiisuun, gara-laafinaa fi wal oo'ifata, qarqaarsaaf tumsa, tan fuullee gammachuu tumsa akeeytuu dha.

Obbolummaan tun isaan jidduu dhabamuun immoo faallaa waan armaan olitti dubbanneeti, walitti hadhaayuuf gara jabeenna, mucucaa fi dabiinsa, naasuuf xiqqeennawaan akeekuu dha.

**54) Da'awaa Godhuun Itti GaafatamummaaHundaati**

Amantii Islaamaatti waamuun dirqama nama hundaati; itti gaafatamummaan warra Da'awaa godhuun dhaabbatanii irra guddaa haata'u malee, barattoota damee beekkumsa Islaamaa baratan irratti qofa kan gabaabatuu miti. Kanumaan wal-qabatee wanti yaadachuun nubarbaachisu, islaamummaan gootaaf luyna, arjaaf dondha,

colleef doofaa, wkf hundaa kan keessumsiiftu ta'uu isiitiidha.

Garuu dalaggiin Da'awaa kabajaa, barbaachisummaaf ciminna isii irraa kan ka'e, namoota hundeen isaanii gaarii, arjummaa, of kabajuu, gootummaa, obsa, murannoo, dhiirummaa, waa qixxoonfatuu, of irraa caalchisuu kanqabanakka ta'an barbaachisa. Namoota waan akkanaa kana qaban irratti xiyyefachuun, horachuun, isaaan dursuunis barbaachisaa dha. Isaannan kuni, wayta bal'innaa bareeduma, wayta rakkoo ittisa waan ta'aniif, kan isaannan akkana fakkaataniin Da'awaan adeemsifamti jechuu dha. Kana jechuun isaannan kunniin dogoggoraaf hir'inna irraa qulqulleeffamoodhaa jechuu hin kennu; akkuma nama hundaa isaanis qooda qulqulluu tahuu dhabuu keessa kan galanii dha.

Hiikkaan waan kanaa, isaan namoota eennummaan isaanii ol aanaa, kan yoo dogoggoran sirreeffaman, kan waan waliigala waan dhuunfaa caalchisan, kan waan keessaa waan gubbaa irra caalchisan, kan dhugaa fakkeessaa irra oolchan, kan waan hundee ta'e waan ka'umsa ta'e irra caalsifatan, homa fedhe wanti hamaan argamullee hanga Rabbiin(Guddatee ol ta'ee) wal-gahanitti kan irraa hin

deebinee kan tahan jechuudha. Akkuma namoonni eennummaan isaanii ol aanaa ta'e kuni dalaggi Da'awaa keessatti baay'ataniif,kan isaan hin ta'in hir'achuun, mallattoo milkaayuu yoo akeekuu; fallaan kanaa ammo homa faallaa sanii kan ta'etti waan akeekuu kan ta'u ta'a.

### 55) Mirqaansa Daangaa Qabu

Kaka'umsi waan akka murannoo lubbuu, bu'a qabinnaa, dura eegalumsaa, waan wayiitiif ifaajuu, dorgomiinsaa, uf irra caalchisiinsaa, waan haaraya uumuu, wkf argamsiisuuf waan gaariif bu'aa qabduu dha.Bu'aan kaka'umsaa kanaatis, wantoota faarfamoo dalaggii Da'awaa duratti dhiibduu dha.Hanguma qabatamaaf sadarkaa argamiinsa wantoota kanniiniitiin, dalaggiin Da'awaa duraatti adeemti; hanguma wantoonni kunniin dhabamuutiin, yooka(a) hir'atuutiin dalaggiin Da'awaa dadhabduu taati.Kanuma irraa ka'uun, namoonni Da'awaa godhan qaanqee kaka'umsaa facaasuun,isii qabsiisuun karaa addeeffachuun waan tolu godhan.

Wanti kunis ta'uu kan qabu wantoota lama barbaachisoo ta'an kan tiksuu isii irraa hafuunhinjirre waliin kan tahuu dha. Inni duraa, hangiif sadarkaankaka'umsaagadi fageenyaan herregamuu qaba. Fakkeenyi mirqaanaa akka

dawaa ogeessi fayyaa dhukkubsataa murteessutti murteeffaamuu qaba.  Hangi inni tahuun malu irraa osoo hin dabaliniif gadis hin hir'atin murteeffamuu qaba. Keessuumaayyuu dargaggoota biratti mirqaanni hanga barbaachisuu ol yoo dabale humna loluu fi eenyummaa isaanii karaa dogggoraa ta'een akka isaan ibsatan taasisa. Keessuumaayyuu dargaggota biratti mirqaanni hanga barbaachisuu ol yoo dabale humnaaan loluu fi eenyummaa isaanii karaa dogggoraa ta'een akka isaan ibsatan taasisa.

Wanti lamuu ammoo, namni maloon gara islaamummaati waamuu, namoota isaan waliin jiraniif qabatamaan humna kaka'umsaa eennummaa isaanii iddoo dalaggiin isaan uf irraa itti hir'isan godhuufii yookaa qopheessufii qaba. Wayta wanti kun isaanii godhamus akka waangodhuu danda'an kan godhaniifii bu'aa qabaachuu isaanii ni miireffatu; of komachuu waan kana dalagguu dhabuutiin isaan kessatti uumamullee jalaa bahan; kana boodas, nigammadu, ni qabbanaa'u, akkasuma namni biroo dalaggii isaaniitiin fayyadamaa ta'ee yoo argan itti gammadu.

## 56) Garaa Garummaa Mootummaa fi Uummataa

Dalaggiin islaamummaa mootummaan dalagamtu, kan qaamni mootummaa irraa ta'e akkaataa bulchiinsa isaa hordofuun,hojii kanaan dhaabattu yoo tahuu; dalaggiin islaamummaa tan ummataa ammoo,dalaggii qaamni warra biyyaa ta’e hoogansa wayiitiinuu hin hoogganamne dalagu,yookaa ittiin dhabbatuudha. Wanti baratame tokko (irra guddinnaan) sehaa sirrii hinta’in, yookaa wal eegannaan, yookaa wal himannaan, yookaa diinummaan jidduu qaama lamaan kanniinii jiraachuu dha.

Kanumaan wal-qabatee akka jalqabaatti wantoota lama akkan barbaachisoo ta’an yaadachuun waan hafuu hinqabnea yoo ta'uu; kan duraa, qaama lamaan kanniin irraayyuu kan walumaa galattuu doggogoraa yookaa sirraayaa ta’e hin jiru; lamaanuu bira waan kanaa fi san irraallee qoodatanuutu jira. Wanti lamuu ammoo, iddoo itti wal bakka bu’uun yookaa wal jijjiiruun isaanii argamee, kan mootummaa kan ummataatti, kan ummataa kan mootummaatti jijjiiramuu waan argamu ta'uu dha. Wanti barbaachisaan, gareen lamaanuu riqicha wal amanuu qulqullummaan, mala beekaatiin, ifaajee walitti dhaabatuun

ijaaruu fi yaaluu; wanta Da’awaan ittigaafatamummaa hundaatuu taateef wal hubachuu, wal qarqaaruu, walii irra taruun jiraachuu qaba.

Yoo wanta kanniin kana argamsiisuun danda’ame, bu’aan argamu waan baay’ee dha; yookaan ammo hunduu kan qaama mootummaaf kan qaama ummatummaa irraa gara wal dhabiinsaa, dadhabbii, yookaa dhibdee walittitahuutti kan garagalan ta'a.Dhimmi kuni waan salphaa miti, waan godhuun isaa hin danda’amnellee miti; garuu akkaan barbaachisummaa isaa irraa Kanka’e, ifaajee guddaa godhuufiitu nu irraa eeggama.

**57) Rabbumaaf Qulqulleessuuf Sirrii Ta’uullee Waluma Bira**

Rabbummaaf dalaggii dalagan qulqulleessuun *(Iklaas),*bu’uura dalaggiitiif ulaagaa Rabbi biratti fudhatama argachuu waan ta’eef, amantii Islaamaa keessatti iddoo ol aanaa qaba. Dalaggiin *Iklaasa* hin qabne tasa tahuu isii irraa wanti dhoorgu hin jiru;garuu *Iklaasni* qofti jiraachuun gahaa miti.Dalaggiin *Iklaasa* qabaattee garuu sirrii ta’uu dhabuun nimala gareen *Khawaarijaa* (wanta irratti waliigalame diduun baate akkaan qulqullummaa osoo qabanuu, garuu dogoggorri isaanii akkaan guddaa ture. Kanaafuu,

islaamummatti waamuun Iklaasaaf sirri tahuu, lamaanuu walbira jiraachuun akka waamicha nagaa bahuutti geessan hubachuu qabna.

Itti dabaluun, namoonni gara islaamummaatti waaman, toora sirrii ta'uu qabu beekuu fi, sadarkama gara Iklaasaatti waamaniin eeguudhaan, gara sirrii ta'iinsaatillee kakkaasuuf waamuu akka qabanii dha. Sababaan kuni ta'uufis, waan wanti lama barbaachisaa ta'an, kan duraa: tooraa sirri tahuun qabu yoo tahuu; innis ulaagaa, cinaaf lakkuu milkaayuu ta'uu isaa tahuudha. Kan Lammaffaa ammoo: namoonn dhimma islaamummaatiif dalagan hedduun gaarummaaf yaada toluun waan isaan mooyatuuf; ganiinsa, dhidhiibinsaaf dhibamuu, uguriin qaawwahuu, waan badatti seensifamuuf saaxilamanii kan turanii fi ammas saaxilamaa waan jiran wanta ta'ee fi.

Namoonni akkanaa kunniin, wayta garii osoo wanni irra gaariin jiru ifaajee isaanii dirree waan gaarii irratti dhangalasu; waytii biroo ammoo,waan dhimmamni itti hin jirre irratti ifaajan; waytii garii biroo ammoo, ifaajeef warreegama iddoo dogoggoraatti (kuni hundee wallaalummaatiif doofummaatii) godhanii,wareegamtoota qabsiisa jijjiirraa jalqaa ta'an; haalli haaroyni eega

jijjiiramaa dhufes irra badaa waan sana dura turee kan ta'ee argamuudha.

## 58) Hir'inna Guddaa

Gaggeessummaan hujii Muslimtoota hedduun, namoota gara amantiin Islaamaatti waaman dabalatee dhimma amantiif adduniyaa wal simsiisuu keessatti hir'inna guddaatuu isaan irraa mul'ata. Kunis waan qananii Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) guguddoo akka hooggantoota ilma namaa ta'uuf isaan qopheesituu: Aqiidaa sirrii uf duratti isaan dhiibdu, qabeenna bal'aa, iddoo istiraateejii barbaachiftuu, baay'inna namaa dabalaa deemu kan kenneefiin waan wal dhiitaa yookaa wal-diigaa ta'ee kan argamuu dha. Kunis, muslimtoonni bu'aa dhabiinsa irraa gara bu'aa argamsiisutti, hir'inna irraa gara guddachuutti akka bayan, beeytonni islaamaa rakkoo kana qorachuu fiirra taa'uun hubachuun barbaachisaa dha. Wantooni waan kana irratti qarqaaran keessaa: ciminna qabaatuu, waa uumuu, madaallii geggeessuu, wal dorgomuu, carraan wal-gitu argamuu, dalaggii qindooytuu uumuu, waa tolchiisa jajjabeessuu, waa balleessaa qorachuu, dalaggi jaalachuuf kkf dha.

## 59) Wal Irratti Wal Kakkaasuu

Baroota dhihoo keessaa namoonni wa'ee wal irratti wal kakaasuu haasawuu heddummeessanii jiru. Sanneen keessaa wal irratti wal kakaasuun ni jira jedhee kan mormuu fi hin jiruu jedhee kan mormu yoo mul'atu kan biroo immoo ijjannoo of qusachuu qabatee argama. Dhugaan garuu, wal irratti wal kakkaasuun argama ilma namaa waliinkan argamte, fi ittille fuftu yoo taatuu; amantiif sammuunille wanta hundaa walitti wal kakkaasuu dha jedhanii hiikkaa kennufiin sirrii hinta'u. Wanti beekuu qabnus, walitti wal kakkaasuun al tokko ni milkooyti si'a biraa ammoo ni fashiltiwayta biroo ammoo warruma isii kaasetti sanatti garagaltu taati.

Kanaafuu, dhimma kanas kan geggeessuu qabnu, qaccee lamaa dogoggoroof wal dhiiboo ta'an: iddoo kennuu fi akkaan guddisuu, iddoo dhabsiisanii akkan laaffisuu irraa fagaannee tahuu qaba. Kunis kanta'u iddoma kennuufiin qabaatu kaayuun, babal'isuun isii irratti dalguu daran, heera namoota birootiin wal dhiibuuf wal ta'uu irratti dalaguu dhaan tahuu qaba.Dadhabinaaf dogoggora keenna warra wal irratti wal kakkaasuu qabsiisan irratti fannisuu dhabuu yootahuu;irraa miidhaan wal irratti wal kakkaasuu isii

tuffachuun wareegamaa isii ta’uu, yooka akkan isii guddisuu, yookaa akkan isii tuffachuu, yookaa akkata qabata isii balleesuu, yookaa sababoota Rabbiin (Guddatee ol ta’ee) itti nu ajaje itti fayyadamuu dhabuu dhaan kan saaxilamnuuf ta'a.

### 60) Dhiibba Wal Irratti Fiduuf Walii Yaaduu

Jiruu Muslimaa keessaatti waan lama kan jiruun isaa irra naanoytu yooka irratti xiyyeefatutu jira.Inni duraa, xiyyeeffannaa waa uumnisaa yokkaa argamsiisinsaa yoo ta’uu, kunis kan yaadame waan godhuu dandahu godhee ufii isaatiif kan biroolle kan fayyadu jechuu dha.Fakkeennaf: fayyaaf galii ufiitti yaadahuu, firaaf hirriyyooaata isaa qarqaaruu, namoota naannoo isaa jiran gorsuu, dandeettii ufii fooyyessuu, maatii ufiitiif yaadahuu, seera biyyaf dalaggi isaa bulchuuf hoogganu beekuuf, wkf dha.

Xiyyeefanaan lamuu ammoo, xiyyeeffannaa yaachiftuu yoo taatuu, kanaanis jechuun kan yaadame, dhimma naannoo ufiitiif kan adduniyaa, wantoota waan xiqqoos ta’e waan guddaan innii rratti jijjiirama uummu yookaa miidhuu hin dandeenne hordofuu jechuudha. Fakkeennaaf: dabaliinsa Doolaaraa, filannoo mootummaa

biyya biroo, faalama naannoo, Oozooniin shonqorraahuuf wkf dha.

Muslimni beekaa ta'e, xiyyeefannaa isaa guddaa irra nannahiinsa jiruu isaa kan duraa irratti godha. Kunis, waan dandeettii waan saneen irratti waa uumuu qabuu fi, waan dirqama amantii isaalle ta'ee fi dha. Xiyyeeffannaanan lamuu ammoo, daangeffama dhiphoo taheen waliin geggeesuu yookaan uf hirmaachisuu qaba; kunis, akka waan wantoota yeroo jirreenna isaa namoota birootiin wal qabatanii uumaman beekuufaa dha.

Yoo wantoota kana babal'isee keessa seene, waan dhooggamaa keessa bu'uuf, yaalinsa, yeroof yaada ufiille waan hin dandeenneef waan isa gaddisiisu irratti kan balleessee,booddeen isaas gadduu, fashaluu fi dhiphamuun marfamee, yookaa ufitti gara galee, homa geggeessuu dandahu irraa duubatti deebi'ee, lubbuu isaatiif sababaa godheefii, yookaa carraa uumamaa (Qadara) waan ufumaa uftti fideef itti gaafatamaa godha.

Kana irrati wanti bareenni mala beekkumsaa:"namoonni mooyatoon furmaataaf wantoota waa bakka bu'an uumuuf qaroodha; namoonni fashiloon sababaaf wantoota waa baraara baasaan uumuuf qaroodha"

jedhu irra gaarii waan dhimma kana nama hubachiisuu ta'uudha.

## 61) Barbaachisummaa Afaan Arabaa

Afaan tokko saamsaa barumsaaf beekkumsaa, meeshaa wal qunnamtii, irra mul’ataa wantoota eennumaa ijaaranii dha.Kanuma irraa ka’uun, afaan kamuu jiruu ilma namaa keessati iddoo guuddaa argatauu qaba. Afaan Arabaa wanta kana kessatti afaanota birootiin waliin waan qodama qabaatu ta'a; wanti adda isa godhu garuu, afaan Arabaa afaan Rabbiin (Guddatee ol ta’ee) kitaaba isaa qulqulluuf fileefi Rabbiin (waan hir'uu hunda irraa qulqullahe ol ta’ee, malli daanga gahaa ta’elle isumaa fi), ergama isaatiif yeroo, iddoo, namaaf afaan kamiin akka godhuu akkaan waan hunda beekaa dhaa, Afaan Arabaa godhe.

Kanumaan, Afaan Arabaa afaan Qur’aanaa, hadiisa qulqulluutiif, hambaa islaamaa gurguddoo ta’ee jira.Seenaa Islaamummaa dubbisuun wanti hubachuun danda'amu, babal’ini Islamaa Afaan Arabaatiin walitti hidhamuun isaa, akkaan amantiin akka hubatamtuuf itti fuftuufis waan qarqaaree dha.Kunuma irraa ka’uun, Afaan Arabaa biyyoota muslimaa Araba hinta’in, kan dalaggiin Islaamummaatti

waamuu yookaa Da’awaan kessatti geggeessamutti,hanga danda’ameen babal’isuuf fi ifaajuu qabna.

### 62) Kaayyolee Daangeffachuu

Dalaggiin Da'awaa hundinuu kaayoodhan wayii galmaan gahuuf kan tattaafatu yoo tahuu, kayoodhan tanniin daangessuun akkaan barbaachisaa dha. Kanaafuu, namoonni dalaggii Da'awaa kamiinuu dhaabbatan, irra gadi taa'anii yaaduudhuun waan godhuu barbaadan gadi fageennaaf ifnanaan daangefachuufi, kanumaayyu kan hima qofaamitii jechootalle gadi fageennaan, ifummaan, karaa sirrii ta'een, barbaachisummaaf dandeettii akkaata dalaggii ittiin dhaabachuu hundaa herreeguun barreefachuu dha.

Namni (dhuunfaa ta'ee gareen) abjoota gaarii kanhin raawwatamneef dhugaalee qabatamaan argaman walitti maku, carraa isaa kan milkaayuu irra carraan fashiluutu guddaa dha; yookaa kana bira dabruun waan lubbu dhabamsiisutti kan geessuun ta'a.Dogoggorri akkanaa yoo dhuunfaan raawwatu balaadha, garuu yoo gareen raawwatte garuu balaa dachaa ta'a.kanumaan walqabatee, ceephoon irra qaroon dalaggii Da'awaa keessa jirutti dhihaatu, namoonni Da'awaa godhan irra hedduun "waan hin barbaanne" kan

beekan, garuu "waan barbaadan" kan sirritti hinbeeynee tahuu dha.

Dalaggiin Da'awaa yoomuu kaayyolee dogoggoraa yookaa sirrii taatee, garuu kan hin danda'amne karoorfate, waan sirrii qabatama hin qabne faana adeemuun dalagiin kuni ufumaa kan uf miidhu godha. Yaanni gaariin namoonni dalaggii Da'awaatiin dhabbatan qabanis midhama kana irraa kan isaan oolchuu miti; yaada toluun walakkaa waan barbaadamuuti; walakkaan biroo ammoo sirrii waan ta'e dalaguudha.

Namoota Da'awa godhan irraa wanti eegamu,ifnana guutuu ta'een (eennuun akka ta'an), (maal akka barbaadan) beekuu fi kanuma irraa ka'anii kaayoof karoora daangayaa ta'e kaayachuu dha.Kanumaa beekuun, kan ufiin waliin dhugao'ooman, namoota Da'awaa isaanii ee jedhanii fi amanamoo kan tahan ta'an jechuu dha.Kana yoo godhan yookaa raawwatan waa tolchan, yoo kuni tahuu dhabe, waan dafxaa ta'etuu argama jechuu dha.

### 63) Gootummaa Ammas Gootummaa

Gootummaan ibsama gaarii nammoonni amantiin Islaamaatti waaman qabaachu qaba; kunis, dalaggii Da'awaa keessatti gootummaan waan meeshaa ittisaa isaanii taateefii

dha.Akkasuma, waan dalaggiin Da'awaa gootummaan hallamte sababaa milkaayuu isii taatuuf, yoo gootummaan keessaa dhabamte ammoo sababaa xiqqeffama isii tatuufille dha. Garuu gootummaan biroo kan akka gootummaa haaraa galfataa ykn gootummaa boqataa, eeggataa, beekkaan duubatti deebi'iinsaa, kan murtii amasiisaan qaamni waliigalaa akkaataa qabatamaa irratti hundaayuun, ifttummaan, qulqulinnaan, bilisummaaf itti gaafatamummaatiin fudhatamtu yoo taatuu; gootummaan akkanaa tuni, gootummaa of duratti deemuuf daran barbaachiftuu dha. Kunis kanta'u, namooni kana murteessan kuni waan mormiin namoota birootiif bootaa hin kenninee fii dha.Murtiin isaanis ilaacha bal'aa, tilmaamina gadi fagoon, murtii qindooytuuf amansiistun waan ta'eefii dha.Lola Mu'tata kessati Khalid binu al waliid (Rabbiin isaa irra haajaalatu) akkaataan lola irraa duubatti deebiin isaa ragaa ifa galaa waan kanaatii dha.

### 64) Iddoo Barbaadamuu Hin Qabne

Dalaggiin Da'awaa irra kabajamtuu waan jiruu keessati dalagamuuti. Kunis waan dalaggii Anbiyootaaf Ergamtoota (Nagahaaf Rahmanni isaan hunda irratuu haa jiraatuu) taateefi.Yeroo hedduu wanni akka aadaati

baratame, namni amala Da'awaatiin amaleeffame kabajaaf jaalala namaa argatee, iddoon adda isaaf kennama.

Wanta kan irratti kan tahuu qabu, namni akkanaa kuni iddoo kana argachuuf ifaajuu osoo hinta'in, Rabbumaf(Guddatee ol ta'e) jedhee dalaguu; daran, ifaajee isaa gaafa fuula Rabbii dura dhaabatuuf godhee, yoo kabajaan tuni barbaadinsa isaa malee itti dhufte, Rabbiin (Guddate ol ta'e) galatoomfatee, sadarkaa waan isaaf jecha namoonni isa kabajaniifi eeguuf futunuu, nama jaalachuu, tola itti ooluun, gadi uf qabuun, isaan qarqaaruuf ifaajuun, waan namoota bira jiru (qabeenya isaanii) irraa uf qusachuun dha. Akkaataan inni itti kabajaa tana laaluu qabullee, kabajaa osoo hinta'initti gaafatamummaa, bareeduma osoo hin ta'in ba'aa, waan argatan osoo hin ta'in waan baasaniif dirqama malee kabaajaa akka hin ta'iniidha.

## 65) Ergama Malee Ogummaa Miti

Dalaggiin Da'awaa ergama irraa gara ogummaati (akkana ta'uun baay'atee jijjiiramte; gubbaan keessa, bu'a dhabiinsi bu'aa buusuu, caalchifachuun caalchisu irra, warri himatu warraa hundee ta'e irra, warri fakkeessu warra dhugaa dubbatu irra baay'atuu dha.Wantooni kunniin hunduu badiin sadarkaa garagaraatiin hajii Da'awaa tana

yookaa san keessatti, yoo ergamni gara ogummaatti jijjiiramu kan argamuu dha.Kunis muslimtoota dalaggii Da'awaa keessatti hajaa dhabuutti geessee, diina isaanii ammoo meeshaa jajjaba faallaa isaanii waan ta'uufii dha.

## 66) Warra Haarawa Qajeelan

Muslimni wayta namni haaroyni qajeelee amantii islaamaa qabatu yookaa seenu gammaduun waan uumamaati.Haata'uumalee, gammachuun tuni wayta garii daangaa isii bira dabritee, akka wanti biroo hin uumamne dhabsiisuun osoo danda'amu,dogoggora keessa kan nu buustu taati.Qajeellota haarayaafi ufifis akka bu'aa buufnuuf, dogoggora argamuun maluu irralle akka nagaa baanuuf; yaada, bilcheenna sammuu, gadi dhaabatiinsa fi mala beekkumsaa, namoota amantitti sanii irraa qulqulleeffachuu qabna.Booda kana, haala jiddu galaa ta'een qarqaaruun, islaamummaa yaadaan, hubannaan, amalaan akka gadi fageennaan hubataniif kan qarqaaruudha. Akkataa kanaan amantiii Islaamaatti seensi isaanii guddinnaa uumamaa suutaan itti fufaa adeemu ta'a; garuu yoo namoota kanneen qabeennaaf kabajaan isaan marsine, nama amantiin waa argatu isaan goonee,yookaa nama dagamaati isaan

jijjiirree,inumaa bitamaa ta’uun,nu irraabarachuu osoo hin ta'innu barsiisuu akka qabnu itti fakkaata.

### 67) Gareewwan Beekkumsa Islaamaa*(Mazaahib Al Fiqhiyya)*

Beekkumsi fiqhii islaamaa waluumaa galatti, gareewwaan beekkum Deeggarsa fokkataa kana sa Islaamaa afran bifa addaatiin hambaa fi qabeenya ummata islaamaa qaban yo ta’an hayyoonni muslimaa baroota hedduuf qorannaa taasisanii barreessanii kan nuuf kaayaniidha. Kunis waan ummanni islaamaa ittiin boonu yoo ta'uu, Namni muslimaa kamiyyuu garee isaa ta’e filatee duuka bu’uu ni danda’a.

Hanga danda'ameen ragaalee isaanii beekuuf filannoo namoota biroo kabajuu; wayta barbaachisetti jidduu faana bu'ootaatti ilaalchota haala naamuusaaf jiddu galeennaatiin marii geggeessuu, dhugaa addaan baafachuuf eennuma birattuu kan argamtu yoo taate itti gammaduudha. Gareen hundiniinuu waan amantii keessatti sirrii fi dogoggora, caalaa fi calfamaa irratti wal dabruu ni danda’a. kunis dhimma beeytonni gadi dhaabatoo ta’an dandeetti waa wal madaalchisuu, wal caalchisuu, filuuf haarahoomsuu qaban

murteessaniidha. Dubbii akkana keessatti garee tokko deeggaruun waan fokkataa fi midhaa fiduudha.

Deeggarsa fokkataa kana kana irraa of qusachuun, of seeruun, muslimtootaa hedduun akka isii dhiisaniif waamicha godhuufiidha. Garuu, namni kamuu Kitaaba Rabbiitiif Sunnaa Nabiyyii irraa kallattiin fudhachuutti waamuun Mazhaba jabeessuu irra daran waan miidhatti geessuudha. Garuu Mazhaboota gatuutti ykn dhiisuutti waamicha godhuun waan godhamuun hin dandeenne yoo ta'u namoonni kana godhuuf yaalanis, yaaliif murtii beekumsa islaamaa filataniin, yooka beeytonni isaanii isaanii filaniin (beekanii yookaaosoo hinbeekin) biqiltuu Mazihaba Fiqihii haaraya kaayuun, kanumaan waan namoota biroo irratti ceeppessaa turan isaanis keessa kan bu'an ta'a.

**68) Dubartii Muslimaa**

Dubartiin Muslimaa miidhama guddaa qaccee lama irraa isii dhaqqabuun rakkatti; inni duraa: bira dabarsa aamantii homa jedhamu didiinsaanii (Al almaaniyyaa), dubartii Muslimaa balleessuuf jechawaan amantii, uumama, kabajaaf waan goonfata isii kan addaa irraa fageessuu gootu. Inni lamuu: bira dabarsaa amantima Islaamaa keessaa

dubartii waa irraa fageessuu, dandeettii waa gumaachuu isii goysuu, isiin ooduunii fi gahee isii bayachuu irraa dhoogguudha.

Kuniskan ta’u osoo yaanni isaaniin kennitu gaarille kan ta’u taatee waan ta’uuf, warri dhimma kana keessatti bira dabarsitoonni kunniin aalatamoodha. Ilaalchi hedduun isaan dubartii irraa qaban, ilaalcha shakkii, mamaa, xiqqeessuu,hubannaa dogoggoraa ka'umsa sirrii hin ta’inii; jalqabni ilaalcha kana mirga islaamni dubartiif eenummaa isiitii kenneetiin wallaaluu irraa kan ka'eef, ol aantumaa addaaf waan baratamaa ta’ee yeroo dheeraaf walitti kuusamee, turmaansi kunis uffata amantii itti uffisee, amantiin garuu kana irraa qulqulluuti.

Akkuma waliigalatti muslimtoonni hunduu,haala addaatiin namoonni Da’awaa godhan, dubartii amanuu, wal-qixxummaa eeguufi, jiruu keessatti toora isii akka argattu karaa banuu fi, kanuma keessaan toora isii ka Da’awaa godhuufii dha.Kana godhuun bu’aa hedduu qabu keessaa: wal qixixxummaa uumuu, wal-qixxummaan ammoo ka’umsa Islaamma barbaachisaa dha; ifaajee isiin Da’awaaf gootuun fayyadamuu, keessattuu dhimmoota isiin dhiira irra keessatti caaltuun,waamicha jallataa dubartii bilisoomsuu

barbaannaatiin isii gowwoomsaniif itti fakkeessan, kan miidhama asiif achiin dubartii irraan gahamu irraa dhaabatanitti kana godhanitti karaa cufuu dha. Islaamummaan dubartii bilisoomsitee, bilisummaa isiillee wal-madaaltuuf wal-qixxeessaa mirga, kabjaa, uf dandahuu, uumama isii, waan isii qofaa, qixxee hawaasaa, obboleettii dhiiraa, sirreesituu dhala itti aanuu gootee isii kabajje.

**69) Waan Rabbii Gabbaruun Of KeessattiQabatu**

Kaayoon argama ilma namaa kan waliigalaa Rabbi (Guddatee ol ta'ee) gabbaruu dha. Rabbiin akki jedhe:

وَمَا خَلَقۡتُ ٱلۡجِنَّ وَٱلۡإِنسَ إِلَّا لِيَعۡبُدُونِ ﴿٥٦﴾ الذاريات: 56

*"Ilma namaafiJiinniillee haa nagabbariiniifi malee waan biraatiif isaan hin uumne 'Az-zaariyaat:56*

*."* Hubannaan Rabbi gabaruu waa hunda walitti qabattu tuni, ilmi namaa heddummeessee akka Rabbiin ee jedhu, isaanillee wayta hunda walitti hidhamuun gammadu, gabroota Rabbiitiif baay'isee akka daran bu'aa buusuuf godha.

Wanni garaa nama nyaatu, hubannaan wal-qqabatiinsaa Rabbi gabbaruu kuni, nama hedduu biratti mallatoota Rabbi gabbaruu qofatti gabaabsifamtee, isaan biratti Rabbi gabbaruun wanti jedhamu hunduu mallatoma

tana taa’te. Wanti asi irratti dubbatamuu qabu, qoodinsi jechamaa hambaa islaamaa keessa jiru irraa dhufee: Aqiidaa, Ibaadaaf waliin jireennaa (Mu’aamalaa) jedhamu, qoodinsa beekkomsaa akkaatan qorannoo geggeessuu itti geesse malee, waan kana gadiitiif yookaa olii biroo ta’eetii mitiidha.

Garuu qoodinsi kuni, namaa garii akka hubannaa Ibaadaa mallatootuma Rabbi Gabbaruuti daangessanitti geesee; kunis karaa tokkoon doggogora salphisaa hubannaa doggogoraa tamsaasuuf, karaa birootiin ammoo Rabbi Gabbaruun baay’innaan waan biroo irra mallatoota keessatti akka mul’atanitti geesse. Sababuma kanaaf wanti itti nuti amannu, hubannaan Ibaadaa hiikkaa bal’aa namoonni amantii keessatti gaggaarii turan ittiin hubatan, kan muslimtoota hundaa hiikka hubanna kana fudhatanitti waamnu; Ibaadaan waan hundaa:Aqiidaa, siyaasaa, mallatoota Rabbi gabaruu, waliin jireenna, dachii misoomsuu, ergaa Rabbii geessuu, waan eehamamaa ta’een qanani’uu, bashanannuu, waa qulqullessanii dalaguu, waan gaarii dalguuf wkf hundaa kan walitti qabatuu dha

## 70) Kan Fuul-Duraatiif Karoorfachuu

Yeroon ajaja Rabbiitiin sosochii walitti dhaabattuu addaan hincinneen fi itti fufadha.Har'i ilma kaleessaati; abbaa boruutis.Kanaafuu, dalaggii Da'awaatiif wanti barbaachisu: yaaliiwwaan dabrite irraa gorsa fudhachuu, waan yeroo ammaa waliin deemu tolfachuu, waan ufduraatiif qophaayuu, hanga human isaatti sababaa hunda hojachuuf yaaluu, sana booda dhimma hundaa Rabbitti amanuuf isa irratti erkachuun,Rabbii waa sababaa godhuuf dhiisuu. Kanumaafuu, waan fuul-duraatti yaaduun, karoorfachuun, dalaggii Da'awaatiif dirqama.

Karoora fuul-duraa qabaachuun kuni mallatoo bilcheennaa fi sababaa milkaayuuti.Yoo dalaggii Da'awaa keessatti kuni godhame, wanni gaariin dalagame; yoo godhamuu dhabe, dalaggiin Da'awaa goggogiinsaaf daangahuu uf irratti murteesite. sana boodas, dalgaggiin Da'awaa yeroo murtaahe booda oduma oduu irraa taatee, waan barbaadamee ture gegesitee, guyyaan isii dhumatee taati.Islaamummaan grauu amnatii ufduraatille waan taateef, homa karooraa kanahedduu dhimmoota keessatti arginu keessaa irra barbaachisaan, yeroo hundaa akka Rabbiin (Gudatee ol ta'ee) uf irratti eeggannuf guyyaa

herreeggamaatiif qophaayyuu dha.Kunis uf dureen teenna tan dhugaa gaafa sani waan te'eefii dha. Akkuma nu hunduu beeynutti, seenaan nabi Yuusuf (Nageenni isa irratti haa jiraatuu)biyya Gibxii waaggaa torba beela keessaa baasee isii qabate keessatti, mala beekumsaatiin karoora uf duraa fayyadamuun beela irraa isaan baraarse.Ergamaan keenna Muhammad (Nagahaaf Rahmanni isa irratti haajiraatuu) karoora of duraa dhimma hundaaf, kan waan xixxiqqaa isii keessa jiru kaayyuutti xiyyeeffannaa guddaa kennaa turan.

Kanas kan arginu: godaansa biyya Habashaatti muslimtoonni godhan, goddaansa gara Madiinaatti godhame, waliigaltee Yahuudaa waliin irra gahamte, cittuu loltoota ergaaman, loloota ergaman ufii hooganan, xalayoota ergamtoota ergamaatiin tamsaasamte, dhimma biyyaaf aduniyaa beekuunii toohachuun godhame, baay'inna muslimtoota Madiina Al-munawwaraa lakkaayyuuf wkf waantoota seenaan kabajamtuun Nabiyyummaa isaanii goonfatte Keessaa adda dureedhaan dubbatamu.

### 71) Deebii Gocha Raawwatamee Sardamuun Deebisuu

Namoota hawaasa keessatti hubannoo fi amala gaarii uumuuf tattaaffii taasisan deebii gocha raawwatamee

sardamanii akkaa hin deebisnee isaan akeekkachiifana.Kunis akka isaan hanga barbaadamuu ol namoota afoo dhaabatanii waan eeyyamamaa fi bal'aa ta'e hin dhiphifneefi.Gaggeessaan amantii *(Imaam) Muhammed Abduun*, goggogiinsi mooyachuuf oduun durii tamsa'uu irraa sodachisee, gatiin sammuu dalagsiisuu bay'isee jabeesse jira.

walaleessaan *Muhammad Iqibaal* wanti dadhabinnaaf waan Rabbi irratti erkatan fakkaachuu, sababa hubanna faalamaa murtiif tahii Rabbii (Qadaa'i wal qadar) irraatti argameen, muslimtoota irratti arge gaddisiiseenii, dandeetiin nama musilimaa gocha kanaa ol akka ta'ee ol baase jira. Wanti kanuma fakkaatu kan jedhamu, nama hubannaa waan haarayaa amantitti seensisuu (Bidi'aa) babal'isee,kan amantiin isii irraa qulqulluu taatee *bidi'aan* jallattuun amantittii qaqqabdee; namni Mazhabaaf jabeessaa fokkattuu jabeessuu argee Mazhaba dhabamsiisuuti waamti; namni toliinsi wayii aduniyaa irraa naannoo wayiitti babal'achuu argee,kanuma irraa hajaa dhabuu filatellee akkuma kana jedhama.

### 72) Mo’atiinsaa fi Moo’atamiinsa

Seena amantiin Islaamaakeessatti kabajaa hedduun akka ittiin boonan gootutuu jira; akkasuma, galmee dalaggii Da’awaa keessatis kabajaan guddaan nama boonsituutu galmaahe. Kabajaan seenaa tanaa yoo gara miira dalaggiitti jijjiiramte ba’aa buu’aa qabduu taati.Yoo gara miira dadhabinnaa isimaanweeddisuufuftuullutti garagalte, ba’aa miituutti jijjiiramti. Waan seenaa islaamummaafii galmee dalaggi Da’awaa kessatti doggoggora argame irraa wanti kana fakkaatutuu jedhama; doggorri sunniin yoo barumsa irraa fudhanne miira dalaggii waa ijaartuutiin ufduratti deemne ba’aa gaarii uumuu ni dandenna.Akkuma yoo isima irra dhaabbannee booyichaan harka marannee, wal aalannef uf tumne ba’aa miituu taati.

### 73) YerooJireenni Irra Gaarii Ta’u

Karaa Rabbii irratti wareegamuun sadarkaa guddaa Rabbiin (Guddatte ol ta’ee) ilma namaa filatamaaf kennuudha. Namoonni Rabbummaaf jecha waa qulqulleessanii dalagan kanuma argachuu hawwaan. Haa ta’u malee, karaa Rabbii irratti jiraachuun akkuma karaa Rabbi irratti du’uuti. Rabbumaaf jedhanii duluun barbaachisaa fi waan qulqulleeffamaa dha. Yookaa inumaa

musilmtootaaf karaa Rabbii keessatti jiraachuun karama kana keessatti du'iinsa irra gaarii ta'a.

Kunis, namoonni gara Rabiitti waaman hunmna qaban hundaa baasani itti fayyadamuun yoo amantii boonsan, ummatta tajaajilan, dachii ijaaran misoomsan, hawaasa musilimaa namooni biroo raajeffatanii fi waa uftti fudhatiinsa isaanitiin hawatamaniif fakkeenna gaarii godhuun yoo kan danda'amu tahee dha.

### 74) Ajaja Rabbii Fudhachuu FiDiduu

Onneen jechuu fi diduu uf keessaa qabdi, qaamoonni biroollee akkasuma; dalaggiin onnee dalaggii qaamaa dursiti. Kunis waan qaamonni biroo onnetti hidhama qabaniifii, onneen bu'uura jiruu ilma namaa taatee fi.Akkuma kana onneen ajaja Rabbii ee jechuu yookaa diduutti waan qaamota biroo dhiibduu fi. Kanumaafuu, didiinsa onnee irraa baraaramuun didiinsa qaamotaa irraa baraarammu irra ulfaata.

Akkuma kana, ee jechuu onnee horachuun ee jechuu qamotaa horachuu irra ulfaata.Muslimni Rabbiin ee jedhe didiinsa irraa fagaatee, onneef qaamota isaallee ee jechisisuun of toohachuu qaba.Kanumaanuu, jidduu bocama isaatiif keessa isaa, fakkiif goonfata isaa, yaada dhugaatiif

shaakallii qaamaa uumachuun akka barbaadametti akka akka wal madaalli hundi argamuudha.

### 75) Amantii Sirriitti Qabachuu

Amantiin sirriin sammuu dammaqaa fi onnee qulqulluudha. Namni waan akkanaa goonfate jidduu namaati mooyaa, fakkeenna gaarii jaalatamaa, dinqisiifataaf fi Kan isa faana bu’aniidha.Nuti wayta amantii qabachuu irratti jajjabeesinu, faallaa kanaa, amantii qabachuu gowwoomsisiinsaa taate irraa seerra. Isiinis kan sammuu tuqamte, ykn rakkoo qabdu ykn lammaanuu wal-biraa kan qabdu irraa kan maddituu dha. Gowwoomsuun amantii kunis, kaayoof gaheen isii, waan qabatama hin qabneef ykn bu’aa lamaanuu walitti qabatee yoo ta’uu;namni waan akkanaa kana godhu jidduu namaatti jibbamaa, fakkeenna uf irraa nama ari’uu dha.

Akkanatti amantii qabachuun kuni, tana duras turee jira ammas ni jira sababaa amantii Rabbii sirrii irraallee deebisuullee ta'ee jira.Booda kanaas, faantii kanaas miidhaa faana cubbuu namni Rabbiin didee dalagu irra badaadha.Mallatoodhan amantii qowwoomsuu qabachuu: fakkii gubbaa tolfachuuf dhugaa keessaa lashi godhuu, bakka waan dirqamaa ta’ee(Faraa’id) waan dabalataatti

(Nawaafil) yaadahuu, bu'aa waliigalaa laaffisuun bu'aa dhuunfaatti garagaluu dha. Ittuu deebinee wanti mallatoo gowwoomsa kanaa irraa: namoonni akkana godhan, feetee, hir'innaaf dadhabinna ufii uffata amnatii itti uffisu, iddoo isaaniin hinmalleenuf eeguu, namoota biroo iddoo kabajamaa dandeettiif ciminnaan ittti gahan diduuf isaan irraa waa fudhachuu dhabuu agarsiisuu dha.

**76) Waa'ee Gidiraa fi Balaafama Dabree**

Amantiin Islaamaa amantii tiyfamtuuf eeyyama Rabbittiin tumsamtuudha. Osoo diinonni isiillee jibbanii, eegareenis isiif ta'uu oduun balaaleen hedduun kitaaba qulqulluu (Qur'aana) keessa jirtu fi oduuleen kabajamtuun (Ahaadis Ashariifah), wantoonni gammachiisaan haala qabatamaatiin kanuma eeru. Namoonni gara isiitti waamanille(e abdii kana guutumaan itti amanuun barbaachisadha. kunis akka jalqaba waan jalaqabaniitti waan sirrii ta'eef, eega kanaa ammoo, itti amanuun akka ifaajanii fi namoota tumsa godhaniif akka argantan godha.Wanti asitti hubatamuu qabuu yoo jiraate, oduu waan warra hin amanitiin fixamuu fudhatma akka hin qabnee dha.Dhimma kana keessatti oduun wanti sirrii ta'ee, ummanii islaamaa waan badaa iraa gara irra badaatti akka deemuuf, kunis haala

zamanaa yeroo yookaa iddoo, yookaa akkuma namaatiin garaagarumtii kan qabuuf, jala muruudhaan akka jedhanii ibsuun waan dhoogguuf,waan isiin itti eertu hundaa walitti qabuun dogoggora guddaa dha. Ragaleen walitti makamtuun tunniin barreffama amantii fudhatama qabaniif waan ifa galoo waliigalaatiin tumsamtuuf abdii namaa kennituun wal dhaba; heera Rabii (Gudattee ol ta'ee) uumamaaf godheenis akkasuma waan wal dhabuudha.qabatama seenaa dabreef ammaallee ittuu deebinee waldhaba. Akkasums, wal-qixxeessaa Rabbiitiin (Guddatee ol ta'ee) wal-dhaba. Rabbiin nama akka amantii isaa tumsaniif dirqama itti godhee, isaanis tumsuuf beellama seenanii, ammoo isaan cabsamuun waan hafiinsa hin qabne jedhanii akka isaan akka yaadan godhuun waan isaaniin hin malleedha. Wayta wanti amanatii keessatti damee taate, waan waliigalaatiin wal simsiifamtee, wanti sehaa waan beekameen kan hubtamtu taate, oduu warra hin amaniniitiin fixamuu hangummaa isiin maluu kaayuufi,amantiin Islaamaa, amantii tumsamtuu ajaja Rabbii (Gudinni isaa olta'ee) waan taateef waytuma hunda dhuga'oomsuu qabna.

## 77) Qananii Bira Dabartuu

Qananiin bira dabartuun badii badduu qabeenyaa kara badiinsa biroo jireenna hunda kessa seenuutti geessa; kanaafuu, islaamummaan qananii bira dabartuu dhooggitee, ummatuma ta'e keessatti isiin tatamsa'uun akkeekkaaf seertuu badiinsaa taate fudhatamti. Kanuma irraa ka'uun, namoonni Da'awaa godhan qananii bira dabartuu irraa ittisaa fi seeraa turan.

Qananii biradabartuunq abeennaa tana malee, qananiin biro bira dabartuun irra badduu taate ittisuun isii barbaachisu: qananii sammuu bira dabartuu jidduu namoota gara Rabbiitti waamanii, yookaatahuu isaanii isaanitti fakkaatuuti. Fakkeennaaf qananii bira dabartuu tanas kan arginu, nama qoodama amantii gaariif badaa qabduun dabartee dhokatte, kan har'aa tana ummata irratti rakkoo ta'uu hin dandeenne irratti qorannoo geggeessuu; nama boqata tokko guutuu barreessu, yookaa kitaaba guutuu barreessu, garuu barreffamni isaa wayta dubbisamu waan inni barbaaduu daangessanii beekuun hin dandeenne biratti argamtuu, namoota odeeffannaa dirqamatti yaada isaanii hin qarqaarree walitti qaban biratti yoo arginuu, wanti isaan namoota barreeffama dubbisaanitti biratti odeeffannaa

bal'aanuf adda baasuun isaanitti fakkeessuun akka isaaf masakaman waan barbaaduufi, yooka gonkumaa odeeffanna isaatuu kan sirrii hin tahin dhaayyu.

Fakkeenni kuniif kan kana faakkaatanis, bifoota qananii bira dabartuu sammuuti; qananiin bira dabartuun sammuu tunis akkuma qananii biradabartuu qabeennaatti,yookaa inumaa irra badduuyyu tahuu yoo baatte malee,isiiin lachuu walfakkatti.Namooni Da'awaa godhuu kessattti qulqullisootaataaf jiddu galoo ta'an, waan kana irraa seeruu qaban, innis waan yeroo, ifaajee, qabeenya, kaffaltii bilaasha gotuufi, itti gaafatamummaa dhugaa jalaa dheessuutii uutaan waa keessa seensifama qaama kanaa yookaa saniitiin waan tahuu yoo ta'uu; yaannii qulqulluun jiraachuun, yookaa jiraatu ta'e, bu'aa waan kana irraa argamu kan jijjiiruu hin dandenne ta'a.

### 78) Amantii Towhiidaatiif Tokkoomuu

Islaamummaan amantii Rabbi tokkoomsuu fi (Tohiidaa) tokkummaati. Ummatini Islaamaa Rabbii ol aane ni tokkoomsan, carraaqqii dachii irratti godhaniifis ni tokkoomfatan. Kanaafuu, dalaggii gara islaamummaatti waamuu keessatti wanti barbaachisu: yaadaan, namatti

dhageensisnaan, gochaan tokkoomuu irratti yaadahuu; yaadaa fi miiraan, gochaan addaan bahiinsa irraa seeruu.

Tokkummaan humna, gar-nyaatii, bu'aa qabaachuu fi waa buusuu; akkasuma, waan akka Rabbiin (Guddatee ol ta'ee) nama qarqaaruuf namaa tumsu gootu, addaan bahiinsi garuu faalla kanaa ta'eeti. Dalaggiin Da'awaa ummata islaamaatiif ifaajee fi wareegama hedduu isiif godhameen bu'aa walgitu fiduu hin dandeenne.

Kunis kan ta'e kuusama guddaa dalaggii kana irraa ummata Islaamaa bira jiru wajjiin yoo tahu fi, dalaggiin Da'awaa osoo waan yaadaaf abdii dhugaa uummata Isalaamaa ibsitu taatee jirtu waliinii dha. Sababaan hedduun waan kanaaf deebii ta'an keessaa mataan, addaan qoodaminsa wayta garii hanga jibbansaa fi diinum(m)aatti geessituutiin dalaggiin Da'awaa miidhamuu dha.Wantoota tokkummaa barbaadamtu goonfachuu yookaa itti kalaahuu irratti nama qarqaaran keessaa: yaada ufii Rabbumaaf (Guddatee ol ta'ee) qulqulleessuu, jaalala babal'isuu, gaafilee Rabbi tokko ta'uu yaaduu (Aqiidaa) irratti qaccee taate irratti walmormuu dhiisuu, akkasuma kan damee beekkumsa islamaa (Fiqih) taateellee, namoonni kana dura dabaran irratti wal dhabanii kan itti aananillee irratti wal moromanii,

kan sirri ta'e gatti Rabbi biratti itti argatee, kan dogoggorellee kan irra dabramuuf taateewan dhiisamuu dha.

**79) Wal Faalessaa Bu'a-Qabeessa**

Walharkaa namatti walfakkachuun jidduu garii namoota gara amantiin Islaamaatti waamaniitti tamsa'ee, humnootini amantiin Islaamaatiif diina ta'an hariiroon tokko ta'anii walitti dhaabannoon isii dura dhaabbatan kan jedhuu dha.Inni sirriin garuu, humnootini diinummaan islaamummaan loluu irratti wayta garii waliigalan, wayta biroo wal dhaban; inumaa wayta garii ilaalcha duubaan isaan dhiibu osoo hin laalin, ejjannoo islaamaaf muslimtootaa bu'aa buusuutti geessitu fudhatan.Kanaafuu, sammuun muslimaa humnoota diinaa kanneen qorachuun, wal faallessuu jiddu jaraa jiru akkaan qorachuun bira gahee, waldiiginsa kanaayyuu waan biyyaaf gabroota Rabbiitti tolu irra oolchuu barbaachisa. Yookaan, nama harkaa wal fakkaachuu keessa lixuun hundaa tokko godhuun, heeraa Rabbiin (ol ta'ee) godheen waan wal-dhabu, akkasuma qabatama seenaa dabreef kan dhufuutiinis waan waldhabuu dha.

Akkuma kana, ceem'aa warrii waldiiginsa ykn walfaallessaa jiru toohatee hiikkaa uumuu irratti akkaataa

sammuu ufii dalagsiisuu jalaa ittiin dheessuu barbaadanii dha.Ammas, gantee lubbuu waan xiqqoof guddoo keessatti dandeettii humnoota diinaa dura ittiin dhaabbachuu isaaniif hin jirre tahuufi, luubbuma ufiitiif sababaa ceem'aaf luuynummaa uffii godhuun, rakkoo argamtu humna isaaniitii ol godhuu dhaan irra dabriinsaa ufii godhanii dha.

### 80) Murtee Rabbii Hojii Irra Oolchuu

Gaafiin guddaan waan kana keessa jiru: akkamitti murteen Rabbii biyyotaisiin keessatti dhokkatetti akka eddoo ol aantummaa kanaan dura qabaataa turtetti deebitee dalaggi irra olchuun danda'amaa dha. Akka jalqabaatti sammuun furmaanni hundaafuu tolu waan tokkoo qofa jettuu hin jirtu, furmaanni itti aanu kuni haalotaa hedduuf furmaataa ta'uun mala, namoonni gara amantii islaamummaatti waaman murtee Rabbii waltii dhaabatiinsaan dalaggi irra oolchuu,ol baafamaaf karaa naga qabeessaan gaafachuullee itti fufuu; hundaafuu mirga isaanii kana keessaa qabaniif dirqama isaan irra jiru ifaa isaanii godhuu dha.

Bu'oota malli kuni qabu keessaa: bulchiinsitoo sodaachuun dhabamuu ykn hir'achuu, kunis bulchinsootaaf namoota Da'awaa godhaniif bu'aa walqixaati; kunis

hafteewaan gaarii hoogantoonnii kunniin dalaguu fedhii osoo qaban gochuu dadhabiniifi, yookaa sodaaf, yooka feetee lubbuutiif garii hin dalagneeti kakaasuuwaan ta'eefi.

Murteen Rabbii sadarkaa sadarkaan dalaggii irra ooluuchuu, kunis takkattiin utaalcha irra gaariidhaa;gocha deebii gaafii dhiibaanii seenuun, ykn waa keessa nama seensisuun,ykn nama lubbu ufii irraa baheen waa yaaluun, ykn nama yareessaan, ykn doofaa irraa dhufuu argachuu diduu; kunis wanta kana godhuu irraa naga nama baasuuf isii irraasnama tiysuu dha. Homa kanniin irraa wanti lakkahamu, dogoggora sirreessuudhaaf gatii kennuu, kunis kan tahuu waan dogoggora ifa baasuun faallaaisa dhooysuu mul'achuu sirraahuufii dha.

Kanuma irratti wanti dabalamu, dirqama Du'aata irra jiru keessaa: lubbuu ufii keessatti dura taa'umsa jibbuuf fetee waa murteessuu uf keessaa baasuu, guyyaa adiinis kanuma ol baasuun himuu; yoo kun ta'e, dhugaan fakkeessaa hin qabne namoonni kunis bulchuu lubbuu ufiitiif hin barbaadan jechuu.

Garuu wanti isaan barbaadan, murtee Rabbii dalaggi irra oolchuu dhaa; nama kana dalagu qarqaaruun barbaachisaaa dha. As irratti gorsa hayyuun *sheek Abu*

*Hasan Al nadawiin* yeroo hedduu irra deddebi'anii dubbatan kaasuun ni danda'ama. Rabbitti amanuun gara warra bulchiinsaatti yoo ceehe wayyaa; warri rabbitti amane gara bulchiinsaatti ceehuu irra qabachuudha. Gorsa kana keessaa kaayumsa Rabbii (Guddatee ol ta'ee) wayiitiif milkaayuutu jira; namoonni Da'awaa godhan waytuma hundaa wanti fuuldura ufiitti laaluu qaban, haaluma hundaanuu murtee Rabbii dalaggi irra oolchuu, biyyuma kamuu keessattuu osoo hin dirqin yookaa hin jibbin, harki irraa guddaan wanta fudhate tahuud haan booda.

### 81) Dhugamatti Isaan Itti Gaafatamoodha

Hedduu namoota gara amantiin Islaamaatti waamanii bira yaanni jiru, firii tattaaffii dalagaa isaanii osoo hin milkaayinellee itti gafatamummaa hin qabnu yaada jedhuudha. Dhimmi kunis, daangaa murtaahaa ta'e qabaachuu barbaada. Yookaan akkuma inni jirutti dhiisuun miidhaa guddaa qaba Irra xiqqaan miidhaa madaallii fi itti gafatamumaan dhabamuu fi jidduun namaa waa tolcheef waa ballessee wal-qixxeessuudha.

NamoonniDa'awaa godhan yoo Rabbumaaf (Guddateeolta'ee) waaqulqulleessanii sirrii waanta'e godhuuf futunanii, waan godhuu dandahan ifaajanii, yoo

milkaayan ni galatoomfatamu, yoomilkaayuudhaban dhiifamatuu godhamaaf. Yoo ulaagaa sadiin tana keessaa tokko yoo katokkoo olhafte, dhumti dalaggii isaanii milkaayuu dhabuutti  geessa. Isaanis bakka dubbiin geettee fittigaafatamoodha.

**82) Tohannaa jalaoolchuu**

Namni Muslimaa qajeelatti amane tokko waan badduun akka hin dalagamne tohannaa jala isii oolchuun waan faarfamaadha.Kunis, waan keessi sammuu fi onneen isaas ittin ijaaramte, waan namni Rabbiin (Guddatee olta’ee) irratti erkate godhullee ;ammas, waan amantiin inni itti amanu sirrii tahuutti keessa gadi lixee amanuu isaa irratti akeekuudha.Garuu namni qajelloon amane tokko irraa dogoggorri guddaan ni argama; kunis  waan badduu tohachuu irraa gara namoota gara amantiitti waamamanii toohachuutti yoo garagale dha.

Toohannaan iddoo irraa adabdetuni, ganiinsa lubbuun namagantee, warri kana godhanis kanumaan waan isaan namoota biro(o) irraa akka gaarii ta’anitti fakeesitu irraa ta'ee dha.Kanumaan, akka qulqullummaan isaa abadii isaaniitiin hin faalamnee fi saan irraa fagaachuu,

wallaalummaa isaanii beekumsa isaa, kufiinsi isaanii ka’umsa isaata’a.

Yoohaala kana irragahe, waan xiqqaa fi guddaa keessattillee namni akkanaa kuni warra Da’awaatii miti. Inumaa dalaggii kana irratti ba’aata’a. Namni Da’awaa godhu waan badduu toohachuu qaba malee namoota waa maman tohachuu hin qabu. Inumaa Rabbiin (Guddateeolta’ee) isaan tajaajiluu isaatiin isa galatoonfata; kunis kan ta'u isaan jaalachuun, isaanii obsuun, waan gaarii saan keessa jiru kakaasudhaani.

Kanumaan, tohachuu waan jedhamu iddoo isiikaayee, ganamuu xiqqaattuu ganamiinsa lubbuu jalaan ragaa baha; kunis, toohannaa dhugaa fi ka’umsaati malee,toohannoo dhuunfaa figareetii miti.

**83) ObboreefachuuQullaa fi Maraachiftuu**

Ittuu deebinee waan lubbuun namaa eeyduun keeessaa, gariin namoota Da’awaa godhanii kabaja sababaa garagaraatiin,kan dalaggii bu’a qabeettii ta’uu isii irraa gara obboreefachuu qullaa bu’aa hin qabneetti dabdu irratti wal arganii ni haasayu. takkaa warra baahaatiif yookaan dhihaatiif, nama kana yookaa san, qaama kana yookaa san

yaadaan dhiibbatu. Gubata aarii isanii dhimmi wahii irratti qabanis kanumaan qabbaneeffatu.

Ni hawwan, waa hawwii keessa dabranii waan biroo hawwu;eega kanaa, dalaggii bu'aa qabeettii wayii malee addaan galanii akka waan Rabbitti rakkoo isaanii himatanii isaanii irra dabramee itti fakkaata. Kunis amantii Rabii akka waan danda'aniin tumsaniitti yoo isaanitti ta'uu, dhugaan garuu amantii Rabbiitiif homaanuu tumsa hingoonee; inumaa lubbuu isaanii isaan daguun , haasawa rugudee wayta waytattiitti deebi'anii, yeroo waan hin dalagne ittiin bira dabaranii, fedhii jaalala haasawaa ittiin guutatanii taate.

Gochi isaanii kuni kijiba fedhii amantii Rabbii tajaa jiluu fi barbaaduu isaanii itti dhageesisu irraa haala ittiin haara galfatan, ufii fi namoota garii ittiin gowwoomsan, ka nwal-jaalachiisuu kubbaayaa dhugaatii itti walii qoodanii, waan dirqama isaanii kan dhugaa jalaa ittiin dheessuun, dadhabinna, hir'innaa fi oduu rugudee isaanii uffata amantii xiqqoosta (a)teeguddooisiin hinmalleittiuffisaniidha.

**84) JidduGaliinsaafiwal-qixxaayuumasa**

AmantiinIslaamaa amantii jiddu galiinsaa fi wal-qixxaayumsaati. Qaccee lamaan jibbamtuu taate, bira dabarsuu fi hir'isuu,irraa kan fagoo taateedha.

Rabbiinmusilimtootafaarseeakkaisaaniinjedhe:”

وَكَذَٰلِكَ جَعَلۡنَٰكُمۡ أُمَّةٗ وَسَطٗا ﴿١٤٣﴾ البقرة: **143.**

*Akkuma san ummata jiddu galeessa isingoone.*

*”Baqaraa: 143*,

Jechuunkanaa, kanwal-qixxeessuu filannoo goone jechuudha. Waan hunda keessatti irra gaariin jiddu galiinsa, bira dabarsaa fi hir’isaan, lachuu xiqqeeffamtuudha.

Jiddu-galiinsi amantiin Islaamaa dirree jiruu murtiin isii keessaa akka makaa ta’e ifagalchuu fi dhufte hundaa, keessattuu, waan amantii dhumaatii fi waanhundaa qabattuu taateef, jidduu galummaan isii nimul’atti. Mu`silimni fakkeennaaf jiruu kessatti hajaa dhabu, dirqama isii kessatti isa irra jiruunillee dhaabachuu dhabuun qullaa fi ba’aa hinta’u.

Akkuma kana, jirutti fuula ufii hundaa garagalfatee, akka dhama’aa wayta hundaa waabaay’ifata barbaaduu ta’uu hin fudhatu; haa ta’u malee, haala wal-madaalaa fi jiddu gala tiin itti garagala malee.

Akkuma jiddu galiinsaa fi wal-qixxummaan kanaan dachii ijaarutti hiree barbaaduu kessattillee akkasuma Rabbi gabbaruu, waa kennachuu, waliin jireenna, uffata, jidduu fedhii dhuunfaa fi garee

walmadaalchisuu, waan dirqamaaf dhugaa, waan qaamaaf lubbuu, sammuu fonnee, wkf, bira dabarsaa fi hir'isaan malee jiddu galummaan waan godhan godhuudha.

Bira dabarsuun bu'aa dhuunfaa fi bu'aa gareellee waan balleessuuf xiqqeeffamaa fi jibbamaadha. hir'isaanillee waanuumaan nama isii dandahee baachuutiin waan waldhabduu fi xiqqeeffamtuudha.Kanaafuu, bira dabarsaan akkuma kana duraturte, uf durattis namni lubbuun isaa hir'uu taatee ufumaa biqiltuu isaa dhabamsiiftu gamaa gamanaan kan baadhateta'ee itti fufa.

Kanumaaf Rabbiin (Guddateeolta'ee) ilma namaa uumee dirqama isa irra kaaye amala, dandeettii,dadhabinaaf huna isaa beekuuf, islaamummaan akka amantii jiddugaleetti walqixxooytuu taatu godhee filate.

**85) Waldhabdee(wal-dhabbii)**

Islaamummaan gatii tokkummaan qabdu olkaaftee, irrattis kakaaftee, wal dhabbee irraa seerte.Haata'umalee garaa garumtii ilma namaa jidduu jirtuuf waldhabiinsa itti geesitu, kan isiinis heerota heera Rabbii (Guddateeolta'ee) uumama isaatiif godhe keessaa taate, akka jirtus ni mirkaneessitti.

Waldhabdeen gosa lama: isiinis miituu fi bu’aqabeettiidha. bu’aqabeettiin, garaa garumtii yaadaatii, isiinis yaalii lama namaa gabbifti, amala ilma namaatiin wal simtu, kunis akkuma murtiin beekumsa Rabbi uumaan dabarteettii dha.

Rabbii (waanhundairraa qulqullaayee) namakan sammuun, hubannaan, akkataan yaadinsa isaanii akkuma amala, bifa, dhaabataaf bocamaatiin wal dhabaniifiidha. Waldhabiinsi miidhaa fidu ammoo waldhabiinsa onneeti; gudduunfitoonni Qur'aana qulqulluu hedduuniif Oduun kabajamtuun isii irraadhoogiteeirraalle Kan seertu taatee dhufte. Sanniin keessa jecha Rabbii (waan hunda irra qulquullahee):

وَٱعۡتَصِمُواْ بِحَبۡلِ ٱللَّهِ جَمِيعٗا وَلَا تَفَرَّقُواْۚ ﴿١٠٣﴾ آل عمران:**103**

*"Karaa Rabbii qajeelatti qabadhaa, addanille hinbayinaa. Aala Imraan: 103.*

Wal dhabiinsi bu'a qabeessi wal dhabiinsa garaagarumtiiti, innis akka waan ifu hedduu qabsiisuu akkuma lakkofsi isii eda'uun ifnanni isii eda'uu, tokkoon isii tan biraa hin balleesine; wal dhabbeeiin badduun, Tan wal-faallessituu fi waliin ooduutti geessituudha.; warri wal dhabe hunduu fashilee humni isaanii kanirraa deemtu taati.Kanuma

irratti wanti jabeessu isa irraa hafiinsi hinjirreislaamumma keessatti iddoo cufaa wal dhabeen bira gahuu hinqabne;isiinis waan bu’uura, eenyummaa, lubbuu, ergaa, tokkummaa Rabbiti amanuu, amalaaf miira (tokkumma Rabbii yaaduu, gabbaruu, amala, murtii dhumaa) uummataa islaamaatiif tiiysituu dha.

Dhimmi kunis beekumsa wal dhabeef naamuusa isii, mirga namoota biroo waldhabbii keessatti qaban, kan daangaa waan amantiin eehamtuun ala hinta’insan irraa, dhimma malaaf akkaataa waa raawachuutti rarraatuuf fi garaagarumtii akkuma haalaa, yeroof iddootiin wal jijjiiruun isii danda’amu irratti ilaalchaan wal dhabaniidha.

**86) Dheefaaf Dheefuu**

Namoota Da’awaa godhan keessaa, nama gara kabajaa dur dabritee dheessu, isii irraa haasayuu baay’isu, ittiin weeddisu fi isiille himatutu jira. Kanas kan godhu, osomaa waan xiqqoo yookaa guddoo godhuu dandahullee hingodhinyoo tahuu; kanuma godhuun akka waan dirree ufii isaa hir’inna irra qulqulleesuu itti fakkaatee dheessutuu jira. Akkanuma, nama gara haala ummata islaamaa abdii kutachiisaa amma jiruutti dheessee, himata, booyinsa, aaluu baay’isee, dhugaan yookaan dharaan ta’ee hordofiinsa garee

tanaa yookaa sanii irratti erkisuu yoo tahuu, kunis osomaa waan xiqqoo yookaa guddoo godhuu dandahullee hingodhinii. Kanumaanis akka waan ufii isaa itti gaafatamuu jalaa baasee kan itti fakkaatu dha.

Akkanuma, gosa sadaffa namawaanuuf duraattidheessuuf hoogganaanamantiihaarayoomsu *(Al imaam al mujadid*), yookaa qajeelchaa eeggamu (*Al mahadii al muntazar*), yookaa hoogganaa beeysifame (Al qa’id al mulaham), yookaa goota nama baraarsu biroo osomaa homaa hindalagintaa’anii dhufiinsa isaa eeguu dha.Dhuffiinsa imaama kanas,furmaatarakkoohundaaf kanhawwitedhugaa gootu, kunis kan yaadamu, osomaa heera suutaan guddata dhufuu, seerota walqixaaf aadaa jirtullee tilmaama keessa hingalchiniidha.

Gosti sadiin dubbatamte tunniin, dhugatti kan jalaa dheessitu itti gaafatamummaawaan godhuu dandeettu jalaayyi;namoonni akkanaa kunniin rakkoolee sababaa dadhabinuma isaaniitti deebitu uumatani, kan ufumaa lubbuma ufiitiin uf soban,kanumaanis, dalaggi Da’awaatiif jiruu irratti ba’aa kan ta’aniidha. Garuu Wanti ta’uu barbaachisu, muslimni Da’awaa godhu tokkoo, yeroo keessa jiraatu, waan godhuu dandahu beekuu dha; homa dalagu

hundaawantichisguddaa ta’ee xiqqaa, qulqullummaaf tolchuun dalaguu dha.

Kunis waan wanti xiqqaan xiqqaa birootti eda’amee gudda ta’uufi, waan cophiini bishaanii copha hedduun walitti makamtee laga taa’tuufi dha.Rabbiin (Guddatee ol ta’ee) yoo gabroota isaa irraa qulqullessaaf tolchaa arge, dalaggii isaanii irraajaalatee, hanguma taatee isiin taatu sanuma isaanii guddisee, kanuma irraa ka’uun ummanni guutuuni oomisha gaariif irra caaltuu dalaggiitiin kan milkaayu ta’a.

**87) Rakkoo Argamtu Waliin Deemuu Dandahuu**

Rakkoon, balaaf waa addaan namaa bahuu dhabuun waytaa waytatti muslimtoota irratti ni uumama. Kunis kan argamu, Rabbi (Gudatee ol ta’ee) irratti namoonni daangaa taran, yookaa Ergamaa kabajamaan (Naggeenni isa irratti haajiratuu) waa jechuun, yookaa hawaasa muslimaa biyya biroo keessa jiraatan waa godhuun, yookaa iddowwan kabajamtuu musilmtoota biraatii toora qaban waa godhuun, yookaa bu’uura ummataa wantoota ta’aniin cooruuf wkf godhuu dhaani.

Gaheen wantoonni kunniin godhamaniif waa heddu, sanniin keessaa: jibbiinsa, yakka, wallaala, beekamuuf

jecha, ifaajee ilmaan ummata islaamaa qulqulluu taate isaan ficcisiisuuf, dirree dhugaa ifaajeen isaanii irraatti godhamuu qabdu irraa isaan garagalchuuf jecha kangodhamuudha. Namni fedhiin isaa Da’awaa godhuuf dhaabbatte, kakaasinsa kana addan baasuu barbaachisaani; akkaataa ilaacha waan isii keessa jiruu, bu’aaf gahee isii, tana cal’isee bira dabree tan biroo ammoo osoo maqaa hin dhayni saaxila baasee, ta biroo ammoo maqaa dhahee fuul dura dhaabbatee akka bira dabruu godha. Garuuwaytadura dhaabbattu bilcheenna Da’awaa tilmamaa waan godhuu hedamuugadifageennaan qorachuuf bira dabrsuun malee dura dhaabachuun kan ta'uu tahuu barbaachisa.Kunis yoo bira dabarse ifaajee ufitti baay’ise waan namoonni badaan barbaadan, diiginsa, dadhabsiisuuf humna ficcisiisuu keessa seenee; kanumaanis isaan gammadanii, kakaasinsa haaraya biroo qopheesanii akka taphini isaanii akkanumatti itti fufu barbaadan godhaani.

**88) Wayta Wanni Gaariin Caalu**

Filannoo beekkumsa islaamaatiif Da’awaa keessa jirtu qabachuun namaa nammatti wal dhabdi; akkuma akka jiruu, haala, hubanna, sadarkaa barumsa isaaniitiis wal dhabdi.Namni tokko ilaachaaf filannoon isaa, osoo wanti isa

bira jiru sirrif irra caalaa ta’uu yaadeellee, nama biroo sanuma dirquun fudhachiisuun mala beekkomsaatii miti. Waan sirrii irratti waliigalutuu waan irraa sirri irratti addaan bahuu irraa gaarii, waan gaarii irratti wal qarqaarutuu waan irra gaarii irratti wal dhiibuu caala.

**89) Da’awaa Waliigalaa**

Dirree Da’awaa keessatti, dhugaaleen waliigalaa fudhatama qabdu kaafamtee, wal dhabbiinsi beeytota islaama achi kaayamuu barbaachisa; oduuwwan adda ta’an, hiikkaa achi fagoo ta’an, qoodinsa baay’ee dameeffamu, waan ta’uuf ta’uu dhabuun maluun kaayamu, himamuu irraa dhiifamuu qabdi.Dhimmoonni akkanaa kunniin kaafamuudhaaf iddoo qaban, namoonni waan kana beekan daangeffama gadi fagoo ta’eenakkumabarbaachisummaatiin waan akkanaa mari’achuu;namoonni birootiifilafaa dhufaan waan dalaggii qabatama qabduutiin uf dalagsiisun bu’aa ufii buusuu barbaachisa.

**90) Eenymmaa Barbaachiftuu**

Namoota beekkumsa qaban kan gara Rabbiitti waamaniifi, waa sirreesitoota dabraniif amma jiran jaalachuun dirqama keenna; Rabbiinisaaniifkadhanna, isaaniin booharra, haata'uu garuu isaan qulqullessuun hin

eeyyamamu, muuxannoo isaanille akkuma isiin jirtutti irraa fudhannee eenummaa keenna,akkuma jiruu, yeroo iddootiin eeguu qabaachuu osoo hindagatinakkuma isaan amantiif ifaajanitti nitisni ifaajna, akka isaan isii tiysanittis ni tiysina.

**91) Aadaa Malee Amantii Miti**

Wayta garii aadaan, wanti baratamaaf wal irratti laalanii waa godhuun jiruu keessatti dhiibbaa guddoo nama irratti uummu; kunis wayta aadaan amantii fakkaattu garuu amantii irraakanhin ta’inii dha. Kanumaakan arginu, waytagammachuu, rifannoo, wal qunnamtii hawasaa tan waliigalaa, wayta ejjannoongaragara fudhatamu, keessatuu dubrtiin walqabateetiin; kanaafuu, aadaafiamantii addan baafachuun barbaachisaa dha. Aadaa fudhachuu yookaan dhiisuu kan qabnu amantiin madaallee eega murteessine booda tahuu qaba.

**92) Rabbitti Amanaa (Mu’umina) Jajjaba**

Mu’umina jajjaba qopheessuf ifaajuu fifiiguu qabna; Akkuma oduu Rasuulaa kabajamtuu keessatti dubbatame, mu'uminnijajjabina mu’uminaalafaa yookaa dadhabaa irra Rabbi biratti jaalatamaa dha. Akkuma humni Rabbitti amanuu tokkochummaa Rabbii yaadasirriitahe irraa ta'u, amanuun (Iimaani) gadi fageennaani beekuuni, amala

keessatti gadi dhaabbachuuni, sammuu keessati hubannooni, qaama irratti humna qabaachuuni taati.Kunis akka qaama keennaaf tohannoo guutuuf walgittuu taate goonuuf barbaada.

Waan qaamaaf bu'aa buusu, nyaata, spoortii, qulqullummaaf wkf hundaagodhuuffutuna qabaachu.Waan qaama miidhu, akka macheesitootaa, aarfataa, dhugaatiif wkf hunda irraa fagaachuu.Kunis bu'aa guddaa kan qabu yoo tahuu, sanniin keessaa, qaamni dandeetti ba'aa dalaggi Da'awaatti yaadahuuf dandeettiin waliin baatu godha

**Xumura**

Soshaaliziimiin erga kufee waggoonni guduunfaa kudhanii lama tahan dabran; Kaapitaaliziimiini warra dhihaallee har'a tana qormaata cimaa keessa jira; wanti gurguddoon isa keessaa fudhatama qaban bakkaa socha'anii, bu'uurii hundee isaa wantoonni ta'an sadarkaa gaafii guddaa keessa seenee jira.

Namni warra dhihaa irratti har'a tana xiinxallaa godhe, wantoonni humnaaf ol aantummaa isaanii taate hedduun uf duubatti deebi'aa jirti; wantoonni isaan kuffistu hedduun guyyaa irraa waan haarayaan oolti; heerri Rabbi (Gudatee ol

ta'ee) dalaggii irraa ooluu irraa duubatti hin deebi’u, eenuma tokkollee kan kan sodaatuu miti.

Namni tokkolleekan dandeettiin isaa akka ilma namaa nagaa baasuu dandeettu isin warra gara islaamummaatti waamtan malee kan tahu hinjiru; isiinis sadarkama amantiif bara keessaniitiin ta’aa, akka dhangalaasaa doonii taatanii, ufiillee toltanii, nama hundaa, muslima ta’uu, ta’uu baatuu akka tolchitaniifii dha.

Itti gaafatamummaan keessan yeroo eddoof Nama hundaa walgeetti; waamichi keessanii haasawa gar-nyaatinsaa, amantii waa laafisuu, cinqaaf duudhaa kaasuu, nama hundaaf lafa hundaaf garaa hiruudha. Kanaafuu, isinwarri Da’awaa gootan dalaggii keessan akkaan hubachuun barbaachisaa dha: isin waantoota malee murteessitoota miti, sirreesssitoota malee finciltootaa miti, ijaartota malee diigdotaa miti, gara laaffillee malee waanyitootaa miti, miira akka abbaan ilman waaliin ta'ufidoktorridhukkubsataa waliin ta'u taataniitti malee miira waa hidhaan gar-jabeeyyiif gadoo qabataa gadoo bayuutilleemiti.

Wayta kana gootan qajeelloof qajeelsitoota taatan, amantootaaf amnsiisota, gabroota Rabbiitiif

(Guddatee ol ta'ee) bu'aa buuftota taatan; irra Rabbi biratti jaalatamaan irra gabroota isaatii(umamtoonni hunduu tan Rabbiitii) bu'aa buusaa dha.Gaafa akkanaa taatan namni fedhii ufiitiin qaccee hoogansaa waan gaarii ifinanaaf nagahaan isinii kenna.

Kitaabni yaadannoo isin harka jiru kunis, bu'uurota hedduu akka yaadaatti dhihaatan walitti qabatee jira; innis jalqa isaa irraa hanga dhuma isaatti waliqqabama muxannoo,dubisiinsa waltti dhaabataa, ilaacha qo'annaa, miidhama, muuxannoof faana bu'iinsaa yeroo dheeraati.Walumaa galatti kitaabichii muslimtoota harka seenee, haala addaatiin bulchiinsitoota isaanii bira gahee, dalaggii Da'awaatiif tumata kabajaa, heera yaadaaf shaakala akka ta'e, wal-seensi, sirrummaaniif bu'ummaa qabaachuu dabalee; wal-dhabiinsi, dogoggoraaf hojii dhabuun hir'aatuufii dha.

Kitaabni kunis, akka namoota islaamummaaf dalaganiin carraa qorannoo gadi fagoo isa irratti geggeesuu argatuhawwa.ammas, yaada isa keessa jiru gatuun, itti dabaluun, walitti makuun, foyyessuun, duraa duuba aansuun, yaada kennuuf madaallii irratti godhanii dha.

Nutis wanti uf irratti fuunu tokko, wayta isin dubbistoonni obboleeyyan teena kabajamoon yaada keessan nuuf barreessitan, barreeffamni keessan iddoo ol aanaa, galataaf kabajaaguddaa qabu kenninaafi; kibaaba kanallee akka isinuma irraa isinitti ta'eetti akka laaltan isin irraa barbaadaa, galatoomaa, waan ifaajee kessanii Rabbi irraa argataa waan feetan nu barressaa jenna.

Yaada ifaan ifatti kennamuuniif ol baasanii irratti mariachuun, mala gaarii waan sirrif dogoggoraa kitaaba kan keessa jiru ittiin beekamu dha.Kanuma irraa ka'uun, fedhiin keenna itti yaadinsa qaamota dhimmi Da'awa issaan ilaaluu kakkaasuu, yaada isaanii irraa fayyadamuuf Da'awaa tolchuuf akka kitaabni kuni guutuu tahuutti kalaayu godhuufi.

Kitaabni kuni harka dhaabattootaf waldaalee islamaa seenuun mala, gumaacha keennadhaabbataafwaldaaleen waan eenummaa isaanii waliin deemu irraa fudhatanii, ittille dabalanii kanfooyyaahuufi kunis eeyyammaa Rabbiitiin waan gaarii heddu kan qabu ta’a.

Milkaayuuf qarqaarsille Rabbuma irraa ta’a; innis qulqullaayee ol ta’ee akka waan jaalatutti nu qajeelchu

kadhanna, inni waan hunda irrattuu dandahaadha akka isa ee jechutti nu dalagsiisu isuma kadhanna.

***Yaada Tumatichaa muslimtoota hundaa, Keessattuu namoota gara amantii Islaamaatti waaman; hundeewwan, hooggantuuleef ka'uumsota waliigalli isii tumata kabajaa da'awaa bakka buutuufii, seera aadaa yaadaaf shaakallii taatee; carraan waliigaluu, milkaayuu, bu'aa buusuu akka dabaluuf, carraan waldhabiinsaa, dogoggoraaf bu'aa dhabiinsaa akka hir'atuuf waamichadhiheessuu dha.***

***Wanni tumanni kuni kaayeffate, wal jaalalaaf wal amanuu jiddu waara da'awaan godhuun dhaabataniittii uumuu,jidduu da'awaa qaamonii beekkamoon geggeessanii fi kan ummanni geggeessuu wal simsiisuu, addaan fageennaa, wal dhabiinsaaf dogogoraa hir'isuu; waliigalteef milki eda'uu, ceephoo waa ijaaru jajjabeesuu, barraaqa ilaalchaaf akkaataa yaadinsaa bal'isuu,mala kalaquuf harahoomsuu hujii irra oolchuu, waan irratti waliigalme irratti wal qarqaaruuf waan irratti wal dhabame irra dabruudhaaf, naaniga waa gochuu dadhabbuu irraa gara naaniga waabuusutti cehuufii dha.***

***Hawwiin tumata kanaa "karoora dalaggii" Qur'aana kabajamaaf Sunna qulqulluu taate irraa fudhatame tahee; kan keessa lixiinsaaf hir'isuu irraa fagoo, jiddu galiinsaaf wal qixummaaf bakka bu'aa kan tahe, garuma kamuu kan hin fakkaanne, yookaa kan fedhii dhuunfa hin tahin, yookaa garee wayii, yookaa barsiisa da'awaa karaa wayii, yookaa wal'aansa beekumsaa, yookaa miseensumaa biyyooma tahuu dhabuufii, qaamota kanniin kamiifuu kan labsuuf kan kanniin malee jiranis irraa qooda kan hin qabne tahuu dha.***

# TUMATA KABAJAA ISLAAMUMMATTI WAAMUUF

DF-E-TrBs-16/04

دار الفكر للترجمة والنشر والبحث العلمي في إثيوبيا

Dar Al-fiker for Translation Publication
and Scientific Research - Ethiopia
Addis Ababa - Ethiopia